

Finfine, July 14, 2013

<u>QABIYYEE</u> Labsii Lak. 182/2005 Labsii Kenniinsa Hayyamaafi Bulchiinsa Abukaatoofi Barreessitoota Dhimma Seeraa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Fuula 1	<u>ማውጫ</u> አዋጅ ቁጥር ፩፻፹፪/፪ሺ፭ የኦሮሚያ ክልላዊ መንግስት የጠበቆችና የህግ ጉዳይ ፀሐፊዎች ፈቃድ አሰጣጥና አስተዳደር አዋጅ ... ገጽ ፩	<u>CONTENT</u> Proclamation No. 182/2013 Proclamation Licensing and Administration of Advocates and Paralegals of Oromia National Regional State Page 1
Labsii Lak. 182/2005 Labsii Kenniinsa Hayyamaafi Bulchiinsa Abukaatoofi Barreessitoota Dhimma Seeraa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Olaantummaa seeraa mirkaneessuufi kaayyoo sirna haqaa galmaan gahuuf sirna ogeessonni seeraafi dhaabbattoonni tajaajila ogummaa abukaatummaa ittiin qajeelfaman diriirsuun barbaachisaa ta’ee waan argameef; Hawaasni ogeessota seeraa tajaajila abukaatummaa kennuuf bobba’an irraa tajaajila qulqullina qabu akka argatu taasisuun barbaachisaa ta’ee waan argameef; Abukaatonni Naannoo Oromiyaa keesatti hojjatan dandeettiin qaban tajaajila kennan waliin kan wal madaalu taasisuuf ulaagaalee hayyamni ittiin kennamuu fi naamusni ogummichaaf barbaachisu bifa guutuu ta’een itti eegamu seeraan murteesuun barbaachisaa ta’ee waan argameef;	አዋጅ ቁጥር ፩፻፹፪/፪ሺ፭ የኦሮሚያ ክልላዊ መንግስት የጠበቆችና የህግ ጉዳይ ፀሐፊዎች ፈቃድ አሰጣጥና አስተዳደር አዋጅ የህግ የበላይነትን ለማረጋገጥና የፍትህ ስርአቱን አላማ ከግብ ለማድረስ ባለሙያዎችና የጥብቅና ሙያ አገልግሎት ሰጪ ድርጅቶች የሚመሩበትን ሥርዓት መዘርጋት አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፤ ሀብረተሰቡ የጥብቅና ሙያ አገልግሎት በመስጠት ላይ ከተሰማሩ የህግ ባለሙያዎች ጥራት ያለው አገልግሎት እንዲያገኝ ማድረግ አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፤ በኦሮሚያ ክልል ውስጥ የሚሰሩ ጠበቆች ከሚሰጡት አገልግሎት ጋር የተመጣጠነ ችሎታ እንዲኖራቸው ለማድረግ ፈቃድ የሚሰጥበትን መስፈርትና ለሙያው የሚያስፈልገውን ዲሲፕሊን ተሟልቶ የሚጠበቅበትን ሁኔታ በህግ መወሰን አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፤	Proclamation No. 182/2013 Proclamation Licensing and Administration of Advocates and Paralegals of Oromia National Regional State WHEREAS, it has become necessary to provide a system through which legal profession and law firms are guided by to ensure the rule of law and to meet the objective of the justice system; WHEREAS, it is necessary for the public to get quality advocacy service from professionals engaged in advocacy service; WHEREAS, it has become necessary to upgrade the criteria required to be licensed and professional ethics could be fulfilled with a view of harmonizing competency of advocates working in Oromia Region;

Hojii barreessitoota dhimma seeraa seera-qabeessa taasisuuf, akkaataa kenniinsa hayyamaa, bulchiinsaafi dhimmoota biroo kanaan walqabatan murteessuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Akkaataa Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Fooyya'ee Bahe, Labsii Lak. 46/1994 Keewwata 49(3) (a)tiin kan kanatti aanu labsameera.

KUTAA TOKKO

Tumaalee Waliigalaa

1. Mata Duree Gabaabaa

Labsiin kun “Labsii Kenniinsa Hayyamaafi Bulchiinsa Abukaatoofi Barrees-sitoota Dhimma Seeraa Lak. 182/2005” jedhamee waamamuu ni danda'a.

2. Hiika

Akkaataan jechichaa hiika biroo kan kenniisiisuuf yoo ta'e malee, Labsii kana keessatti:

- 1) “**Abbaa Alangaa**” jechuun nama Biiroo Haqaa Oromiyaatiin yookiin manneen hojii mootummaa birootiin ogummaa abbaa alangummaatiin qaxaramee hojjatu jechuudha.
- 2) “**Abukaatoo**” jechuun tajaajila ogummaa abukaatummaa kennuudhaaf nama hayyamni abukaatummaa kennameef jechuudha.
- 3) “**Barreessaa Dhimma Seeraa**” jechuun iyyannoo yookiin waliigaltee adda addaa qopheessuun kalfaltiin maamilaaf tajaajila kan kennuufi akkaataa Labsii kanaatiin nama galmaa'ee hayyama argate jechuudha.
- 4) “**Biiroo**” jechuun Biiroo Haqaa Mootummaa Naannoo Oromiyaati.
- 5) “**Dhaabbata Tajaajila Ogummaa Abukaatummaa**” jechuun abukaatota hayyamni abukaatummaa muum-mee kennameef lamaafi isaa ol ta'aniin tajaajila ogummaa abukaatummaa kennuuf waliigaltee gamtaatiin dhaabbata hundeeffame jechuudha.
- 6) “**Gargaaraa Abukaatoo**” jechuun himata yookiin iyyata abukaatoon qophaa'e mana murtiitti dhiyeessuun galmee kan bansiisu, waamichaafi ajaja mana murtii, akkasumas garagalcha murtii namoota dhimmi ilaaluuf kan dhaqqabsiisuufi akkaataa Labsii kanaatiin nama galmaa'ee jechuudha.

የህግ ጉዳይ ፀሐፊዎችን ህጋዊ ለማድረግ የፈቃድ አሰጣጥ አስተዳደርና ሌሎች ተያያዥ ጉዳዮችን በህግ መወሰን አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፤

ተሻሽሎ በወጣው የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት ህገ-መንግሥት አዋጅ ቁጥር ፵፮/፲፱፻፹፬ አንቀጽ ፵፱ (፫)(ሀ) መሰረት የሚከተለው ታውጧል፡፡

ክፍል አንድ

ጠቅላላ ድንጋጌዎች

፩. አጭር ርዕስ

ይህ አዋጅ “የጠበቆችና የህግ ጉዳይ ፀሐፊዎች ፈቃድ አሰጣጥና አስተዳደር አዋጅ ቁጥር ፩፻፹፪/፪ሺ፭” ተብሎ ሊጠቀስ ይችላል፡፡

፪. ትርጓሜ

የቃሉ አገባብ ሌላ ትርጉም የሚያሰጠው ካልሆነ በስተቀር በዚህ አዋጅ ውስጥ፡-

- ፩) “**ዐቃቤ-ህግ**” ማለት በዐቃቤ ህግ ሙያ በኦሮሚያ ፍትህ ቢሮ ወይም በሌላ የመንግስት መስሪያ ቤቶች ተቀጥሮ የሚሰራ ማለት ነው፡፡
- ፪) “**ጠበቃ**” ማለት የጥብቅና ሙያ አገልግሎት ለመስጠት የጥብቅና ፈቃድ የተሰጠው ሰው ነው፡፡
- ፫) “**የህግ ጉዳይ ፀሐፊ**” ማለት ማመልከቻ ወይም የተለያዩ ውሎችን በማዘጋጀት ለደምበኞች በክፍያ አገልግሎት የሚሰጥና በዚህ አዋጅ መሰረት ተመዝግቦ ፈቃድ ያገኘ ሰው ማለት ነው፡፡
- ፬) “**ቢሮ ማለት**” የኦሮሚያ ክልላዊ መንግስት ፍትህ ቢሮ ማለት ነው፡፡
- ፭) “**የጥብቅና ሙያ አገልግሎት ድርጅት**” ማለት ዋና የጥብቅና ፈቃድ የተሰጣቸው ሁለትና ከዚያ በላይ ጠበቆች በመሆን የጥብቅና ሙያ አገልግሎት ለመስጠት በሽርክና ማህበር ስምምነት የሚቋቋም ድርጅት ነው፡፡
- ፮) “**የጠበቃ ረዳት**” ማለት በጠበቃ የተዘጋጀውን ክስ ወይም ማመልከቻ ለፍርድ ቤት አቅርቦ ፋይል የሚያስከፍት፣ የፍርድ ቤት መጥሪያና ትዕዛዝ እንዲሁም የውጣኔ ግልባጭ ለሚመለከታቸው ሰዎች የሚያደርስና በዚህ አዋጅ መሠረት የተመዘገበ ሰው ማለት ነው፡፡

WHEREAS, it has become necessary to make legal the work of paralegal to determine conditions of granting license, administration and other related matters;

NOW, THEREFORE, in accordance with Article 49(3) (a) of the Revised Constitution of the National Regional State of Oromia Proclamation No. 46/2001, it is hereby proclaimed as follows:

Part One

General Provisions

1. Short Title

This Proclamation may be cited as “Proclamation Licensing and Administration of Advocates and Paralegals Proclamation No. 182/2013.”

2. Definitions

Unless the contexts require otherwise in this proclamation:

- 1) “**Public Prosecutor**” means a person who employed by Oromia Justice Bureau or other governmental offices working with prosecutor profession in this institutions.
- 2) “**Advocate**” means a person who is granted an advocacy license to render advocacy service.
- 3) “**Paralegal**” means a person who is registered and granted license in accordance with this proclamation and rendering services to client by preparing application or various contracts with consideration.
- 4) “**Bureau**” means Oromia Justice Bureau.
- 5) “**Law Firm**” means a firm established by partnership agreements of two or more advocates who are granted with principal license to render advocacy service.
- 6) “**Law Clerk**” means a person who is registered in accordance with this proclamation and submits suits or applications prepared by advocate before the court, open files and serve summon, order of court and copy of court decision for concerned bodies.

- 7) “**Hayyama**” jechuun abukaatoon yookiin dhaabbanni tajaajila ogummaa abukaatummaa kennu tajaajila abukaatummaa kennuuf yookiin barreessaan dhimma seeraa, tajaajila barruu dhimma seeraa kennuuf waraqa ragaa kenname jechuudha.
- 8) “**Maamila**” jechuun tajaajila abukaatummaa yookiin barreessaa dhimma seeraa kamiyyuu argachuudhaaf waa’ee dhimma ofii yookiin nama biroo ilaalchisee abukaatoo, dhaabbata tajaajila ogummaa abukaatummaa yookiin barreessaa dhimma seeraa waliin kan waliigaltee seene yookiin firii dubbii dhimmichaa kan ibsate jechuudha.
- 9) “**Mana Murtii**” jechuun Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa yookiin qaama aangoon abbaa seerummaa kennameef jechuudha.
- 10) “**Miseensa**” jechuun abukaatoo dhaabbata tajaajila ogummaa abukaatummaa kennu keessaa qooda aksiyoona qabu jechuudha.
- 11) “**Nama**” jechuun nama uumamaa yookiin seeraan qaama seerummaa argate jechuudha.
- 12) “**Tajaajila Ogummaa Abukaatummaa**” jechuun kaffaltii argachuuf yookiin argachuun yookiin kaffaltii malee maamila bakka bu’uudhaan mana murtii dhiyaachuun falmuufi tajaajila gorsa seeraa kamiyyuu kennuudha; akkasumas waliigalteewwan yookiin sanadoota adda addaa mana murtii dhiyaachuu danda’u kamiyyuu yookiin barreeffama dhaabbata tokko hundeessuu, fooyyessuu yookiin diguu danda’u qopheessuus ni dabalata.
- 13) “**Tajaajila Ogummaa Seeraa**” jechuun kolleejjii yookiin yunivarsiitii beekamtii seeraa qabu irraa gosa barnoota seeraatiin eebbifamee ogummaa seeraatiin tajaajila kennuu jechuudha.

3. Ibsa Koorniyaa

Labsii kana keessatti jechi koorniyaa dhiiraan ibsame dubartiis ni dabalata.

4. Daangaa Raawwatiinsaa

Labsiin kun Abukaatoo, Dhaabbata Tajaajila Ogummaa Abukaatummaa fi Barreessitoota Dhimma Seeraa Naannicha irraa hayyama fudhatan irratti raawwatiinsa ni qabaata.

፭) “**ፈቃድ**” ማለት አንድ ጠበቃ ወይም የጥብቅና ሙያ አገልግሎት የሚሰጥ ድርጅት የጥብቅና ሙያ አገልግሎት ለመስጠት ወይም የህግ ጉዳይ ፀሐፊ የህግ ጉዳይ ዕሉፍ አገልግሎት ለመስጠት የተሰጠ የምስክር ወረቀት ማለት ነው።

፮) “**ደምበኛ**” ማለት የጥብቅና ወይም የህግ ጉዳይ ዕሉፍ አገልግሎት ለማግኘት ስለራሱ ወይም ሌላ ሰው ጉዳይ አስመልክቶ ከጠበቃ፣ ከጥብቅና ሙያ አገልግሎት ድርጅት ወይም ከህግ ጉዳይ ፀሐፊ ጋር ውል የገባ ወይም የጉዳዩን ፍሬ ነገር የገለፀ ማለት ነው።

፯) “**ፍርድ ቤት**” ማለት የኦሮሚያ ክልል ፍርድ ቤቶች ወይም በህግ የዳኝነት ስልጣን የተሰጠው አካል ማለት ነው።

፲) “**አባል**” ማለት የጥብቅና ሙያ አገልግሎት የሚሰጥ ድርጅት ውስጥ የአክሲዮን ድርሻ ያለው ጠበቃ ማለት ነው።

፲፩) “**ሰው**” ማለት የተፈጥሮ ወይም ህጋዊ ሰውነት የተሰጠው አካል ማለት ነው።

፲፪) “**የጥብቅና ሙያ አገልግሎት**” ማለት ክፍያ ለማግኘት ወይም በማግኘት ወይም ያለክፍያ ደምበኛን በመወከል ፍርድ ቤት ቀርቦ መከራከርና ማንኛውንም የህግ ምክር አገልግሎት መስጠት፣ እንዲሁም ውሎችን ወይም ፍርድ ቤት ሊቀርቡ የሚችሉ የተለያዩ ሰነዶችን ወይም አንድን ድርጅት የሚያቋቁም የመመስረቻ፣ የማሻሻያ ወይም የማፍረሻ ዕሉፍ ማዘጋጀትን ይጨምራል።

፲፫) “**የህግ ሙያ አገልግሎት**” ማለት ህጋዊ እውቅና ካለው ኮሌጅ ወይም ዩኒቨርሲቲ በህግ ተመርቆ በህግ ሙያ ማገልገል ማለት ነው።

፫. የፆታ አገላለፅ

በዚህ አዋጅ ውስጥ በወንድ ፆታ የተገለፀው ሌትንም ያጠቃልላል።

፬. የተፈጻሚነት ወሰን

ይህ አዋጅ ከክልሉ ፈቃድ በወሰደ ጠበቃ፣ የጥብቅና ሙያ አገልግሎት ድርጅትና የህግ ጉዳይ ፀሐፊ ላይ ተፈጻሚነት ይኖረዋል።

7) “**License**” means a certificate issued for advocates or law firms to render advocacy service or paralegals to render writing service related to law.

8) “**Client**” means a person who enters in to contracts with advocate or paralegal or law firm to obtain services for himself or for third party or who has told facts of the case.

9) “**Court**” means the Oromia National Regional State Courts or the quasi-judicial organ authorized by law.

10) “**Member**” means a person who is a share holder of law Firm.

11) “**Person**” means any physical or judicial person.

12) “**Advocacy Service**” means pleading courts, rendering legal consultancy service or preparation of contracts or any documents to be adduced before the court, or memorandum of association, document of establishment or amendment or dissolution of an organization with or without or direct or indirect future consideration.

13) “**Legal Profession Service**” means graduate with law from legally recognized college or University and giving legal service.

3. Gender Reference

Provisions of this Proclamation set out in the masculine gender shall also apply to the feminine gender.

4. Scope of Application

This Proclamation shall be applicable on an advocate, a law firm and paralegal licensed from the Region.

KUTAA LAMA**Kennaafi Galmeessaa Hayyama
Abukaatummaa****5. Tajaajila Abukaatummaa Kennuu**

- 1) Namni tajaajila abukaatummaa naan-nicha keessatti kennuu barbaadu kamiyyuu lammii Itiyoophiyaa kan ta'eefi hayyama abukaatummaa Naannicha irraa kennameef kan qabu ta'uu qaba.
- 2) Kan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti tumame akkuma eegametti ta'ee, kanneen armaan gadii hayyama abukaatummaa osoo hinqabaatin tajaajila abukaatummaa kennuu ni danda'u:
 - (a) Dhimma ofiif nama falmatu;
 - (b) Kaffaltii malee haadha manaa yookiin abbaa manaa ofiif; abbaa, haadha, ijoollee, obbooleewwan ofiif; akkawoofi akaakayyuu, akkasumas nama nama guddisuuf yookiin bulchuuf falmu;
 - (c) Abbaa Alangaa dhimma hojii isaa wajjin wal qabate irratti falmu;
 - (d) Ittigaafatamaa yookiin abbaa akksiyoona dhaabbata yookiin kubbaaniyyaa dhuunfaa mana murtiitti falmuuf seeraan yookiin bakka bu'iinsaan aangoon kennameefii dhimmoota dhaabbatichaa yookiin kubbaaniyyicha ilaallatan irratti falmu yookiin hogganaa dhaabbatichaa yookiin kubbaaniyyichaa aangoon kennameefiin hojjetaa bakka bu'e;
 - (e) Dubbii fixaa yookiin ittigaafatamaa manneen hojii yookiin dhaabbilee misoomaa mootummaa yookiin waldaalee hawaasaa dhimma ilaallaturratti falmu;
 - (f) Dura Ta'aa waldaa hojjetaa yookiin hojjechiisaa yookiin miseensa waldichaa keessaa nama waldichaan bakka bu'e.

6. Hayyama Argachuuf Iyyata Dhiyaatu Waliin Ragaalee Dhiyaachuu Qaban

- 1) Hayyama abukaatummaa argachuuf iyyanni dhiyaatu unkaa dhimma kanaaf Biirichaan qophaa'e irratti guutamee ragaa barbaachisaa waliin wal qabatee dhiyaachuu qaba.
- 2) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1tiin iyyanni dhiyaatu ragaawwan armaan gadii waliin dhiyaachuu qabu.
 - (a) Barnoota seeraatiin dhaabbata seeraan beekamtii qabu irraa ragaa barnootaa kennameef;

ክፍል ሁለት**የጥብቅና ፍቃድ መስጠትና መመዝገብ****፩. የጥብቅና አገልግሎት መስጠት**

- ፩) በክልሉ ውስጥ የጥብቅና አገልግሎት ለመስጠት የሚፈልግ ማንኛውም ሰው የኢትዮጵያ ዜጋ ሆኖ ከክልሉ የተሰጠው የጥብቅና ፍቃድ ያለው መሆኑ አለበት፡፡
- ፪) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፩ የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ ከዚህ በታች የተዘረዘሩት የጥብቅና ፍቃድ ሳይኖራቸው የጥብቅና አገልግሎት ሊሰጡ ይችላሉ፡፡
 - (ሀ) ለራሱ ጉዳይ የሚከራከር፤
 - (ለ) ያለክፍያ ለትዳር አጋሩ ወይም አጋሯ፤ ለአባቱ፤ ለእናቱ፤ ለልጆቹ፤ ለወንድሞቹና ለእህቶቹ፤ ለእያቶቹ እንዲሁም ለሚያሳድገው ሰው ወይም ለሚያስተዳድራቸው የሚከራከር ሰው፤
 - (ሐ) ከስራው ጋር በተያያዘ ጉዳይ የሚከራከር አቃቤ ህግ፤
 - (መ) የድርጅት ኃላፊ ወይም የድርጅት ባለአክሲዮን ወይም በህግ ወይም በውክልና በፍርድ ቤት ለመከራከር ሥልጣን ተሰጥቶት ድርጅቱን ወይም ከባንያውን በሚመለከቱ ጉዳዮች ላይ የሚከራከር ወይም ስልጣን በተሰጠው የድርጅት ወይም በከባንያ ኃላፊ ስልጣን ተሰጥቶት የተወከለ ሠራተኛ፤
 - (ሠ) በሚመለከተው ጉዳይ ላይ የሚከራከር ጉዳይ አስፈጻሚ፤ ወይም የመስሪያ ቤቶች ኃላፊ ወይም የመንግስት የልማት ድርጅቶች ወይም ሕዝባዊ ማህበራት ኃላፊ፤
 - (ረ) የሠራተኛ ወይም የአሰሪ ማህበር ሊቀመንበር ወይም ከማህበሩ አባላቶች ውስጥ በማህበሩ የተወከለ ሰው፤

፭. ፍቃድ ለማግኘት ከሚቀርብ ማመልከቻ ጋር መቅረብ ያለባቸው ማስረጃዎች

- ፩) የጥብቅና ፍቃድ ለማግኘት የሚቀርብ ማመልከቻ ለዚህ ጉዳይ በቢሮው በተዘጋጀ ቅጽ ላይ ተሞልቶ ከአስፈላጊው ማስረጃ ጋር ተያይዞ መቅረብ አለበት፡፡
- ፪) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፩ መሠረት ከሚቀርብ ማመልከቻ ጋር የሚከተሉት ማስረጃዎች መቅረብ አለባቸው፡-
 - (ሀ) በህግ ትምህት እውቅና ካለው ተቋም የተሰጠው የትምህርት ማስረጃ፤

Part Two**Licensing and Registration of Advocates****5. Rendering of Advocacy Service**

- 1) Any person who wants to render advocacy service in the Region shall be an Ethiopian and must have license granted to him from the Region.
- 2) Without prejudice to sub article(1) of this Article, the following may render advocacy service without advocacy license:
 - (a) A person who plead his own case;
 - (b) A person who without payment plead the case of his spouse, parents, children, grandparents, sisters, brothers or person to whom his tutor or guardian;
 - (c) A prosecutor pleading in his official capacity;
 - (d) A head, a partner, or an agent represented by the head of an organization or company who pleads the case of the organization or company holding a power of attorney to represent such organization or company in court;
 - (e) An attorney, an official of public body or public enterprise who pleads the actions of such public body or public enterprise;
 - (f) Chairperson of employee's or employer's trade union or a person represented from among the members of the union.

6. Documents Submitted With License Application

- 1) An application for advocacy license shall be duly completed in a form prepared by the Bureau and attached with the necessary documents.
- 2) The following documents shall be attached with the application submitted in compliance with Sub-Article 1 of this Article:
 - (a) Credential in law bestowed on him from legally recognized educational institution;

- (b) Tajaajila ogummaa seeraatiin hojjachuu isaa kan agarsiisu ragaa muuxannoo hojii;
 - (c) Waggoottan afran darban keessatti yakkaan himatamee kan hin adabamin ta'uu isaa ragaa kennameef;
 - (d) Akka barbaachisummaa isaatti hayyama argachuuf qormaata ogummaa darbuu isaa ragaa mirkaneessu;
 - (e) Manneen hojii waggoottan afran dhumaa keessatti hojjachaa ture irraa ragaa waa'ee naamusaa fi raawwannaa hojii isaa ibsu;
 - (f) Teessoo idilee jireenyaafi hojii;
 - (g) Waraqa qulqullummaafi hojii gadlakkisuu isaa ragaa agarsiisuufi
 - (h) Ragaalee biroo Dambii yookiin Qajeelfama bahuun tumaman.
- 3) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2(d) jalatti ibsameen ragaan dhiyaatu fudhatama kan qabaatu qormaaticha darbuun isaa guyyaa beekame irraa eegalee ji'a sadi keessatti yoo dhiyaate qofaadha.

7. Hayyama Kennuu

- 1) Biiron iyyannoon hayyama abukaatummaa akkaataa Labsii kana Keewwata 6 jalatti ibsameen guutuu ta'ee yoo dhiyaateef, guyyaa qormaata kenne irraa eegalee guyyoota 10 keessatti hayyama kennuu qaba.
- 2) Kan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti ibsame akkuma eegametti ta'ee, akkaataa Labsii kana Keewwata 15 Keewwata Xiqqaa 2 jalatti ibsameen qormaanni kan hin kennamne yoo ta'e, guyyaa iyyannoo isaa guutuu taasisee Biiroof dhiyeessee irraa eegalee guyyoota 5 keessatti Biiron hayyama kennuu qaba.
- 3) Iyyannoon hayyama abukaatummaa fudhatama kan hin arganne yoo ta'e, Biiron sababa iyyannichi kufaa ta'eef iyyataadhaaf beeksisuu qaba.
- 4) Hayyamni abukaatummaa kennamu kanneen armaan gadii of keessatti qabaachuu qaba:
 - (a) Maqaa guutuu, umriifi lammummaa abukaatichaa;
 - (b) Teessoo idilee jireenyaafi hojii;
 - (c) Akaakuu hayyamichaafi yeroo tajaajila isaa;
 - (d) Maqaafi mallattoo nama hayyama kenne.

- (ለ) በሀገረ ሙያ አገልግሎት መስራቱን የሚያሳይ የስራ ልምድ ማስረጃ፤
 - (ሐ) ባለፉት አራት አመታት ውስጥ በወንጀል ተከሶ ያለመቀጣቱን የሚያሳይ የተሰጠው ማስረጃ፤
 - (መ) እንደ አስፈላጊነቱ ፈቃድ ለማግኘት የሙያ ፈተና ማለፉን የሚያረጋግጥ ማስረጃ፤
 - (ሠ) ላለፉት አራት አመታት ሲሰራበት ከነበረበት መሥሪያ ቤት ስለ ስነ-ምግባርና ሥራ አፈፃፀሙ የሚገልፅ ማስረጃ፤
 - (ረ) መደበኛ የመኖሪያና የስራ አድራሻ፤
 - (ሰ) ስራውን መልቀቁን የሚያሳይ ወረቀትና ማስረጃና
 - (ሸ) ሌሎች በሚወጣው ደምብ ወይም መመሪያ የሚጠየቁ ማስረጃዎች፤
- ፫) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፪ (መ) ስር በተገለፀው መሰረት የሚቀርበው ማስረጃ ተቀባይነት የሚኖረው ፈተና ማለፉን ካወቀበት ቀን ጀምሮ በሶስት ወር ጊዜ ውስጥ ከቀረበ ብቻ ነው፡፡

፮. ፈቃድ መሥጠት

- ፩) ቢሮው የጥብቅና ፈቃድ ማመልከቻ በዚህ አዋጅ አንቀጽ ፮ ስር በተገለፀው መሰረት ተሟልቶ ከቀረበለት ፈተና ከሰጠበት ቀን ጀምሮ በ፲ ቀናት ውስጥ ፈቃድ መሥጠት አለበት፡፡
- ፪) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፪ የተገለፀው እንደተጠበቀ ሆኖ በዚህ አዋጅ አንቀጽ ፲፭ ንዑስ አንቀጽ ፪ ስር በተጠቀሰው መሰረት ፈተና የማይሰጥ ከሆነ ማመልከቻውን አሟልቶ ለቢሮው ካቀረበበት ቀን ጀምሮ በ፭ ቀናት ውስጥ ቢሮው ፈቃድ መስጠት አለበት፡፡
- ፫) የጥብቅና ፈቃድ ማመልከቻ ተቀባይነት ካላገኘ ቢሮው ማመልከቻው ውድቅ የሆነበትን ምክንያት ለአመልካቹ ማሳወቅ አለበት፡፡
- ፬) የሚሠጠው የጥብቅና ፈቃድ የሚከተሉትን መያዝ አለበት፡-
 - (ሀ) የጠበቃውን ሙሉ ስም፤ እድሜና ዜግነት፤
 - (ለ) መደበኛ የመኖሪያና የስራ አድራሻ፤
 - (ሐ) የፈቃዱ አይነትና የሚያገለግልበት ጊዜ፤
 - (መ) ፈቃዱን የሠጠው ሰው ስምና ፊርማ፡፡

- (b) Job experience showing that the applicant has been working in law profession;
- (c) Evidence from the concerned body showing that the applicant is free from criminal records for the last four years;
- (d) Evidence showing that he had taken the examination as necessary to get a license and passed;
- (e) Evidence from his former employer in the last 4 years regarding his conduct and performance;
- (f) Permanent residence and place of business;
- (g) Clearance and evidence of release from his job; and
- (h) Other documents provided in regulation or directives that will be issued.

- 3) Document lodged in accordance with Sub-Article 2 (d) of this Article shall be accepted only where it is lodged within three months starting from day when his passing the examination is known.

7. Granting of License

- 1) Where the application is submitted with the attached documents in accordance with Article 6 of this Proclamation, the Bureau shall issue license for the applicant within 10 days starting from the time when the Examination is given.
- 2) Without prejudice to Sub-Article 1 of this Article, where the examination is not given in accordance with this Proclamation Article 15 Sub-Article 2 the Bureau shall issue a license from the day when the applicant submits his application with full attached document within 5 days.
- 3) Where the application has been rejected, the Bureau shall notify the reason for the applicant.
- 4) The advocacy license shall contain the following:
 - (a) The name, age and nationality of the advocate;
 - (b) Address of the advocate's residence and place of business;
 - (c) Type of license and its validity date;
 - (d) Name and signature of the issuing officer.

8. Akaakuu Hayyamaa

Akaakuun hayyama abukaatummaa, hayyama abukaatummaa muummeefi addaa kan jedhamaniidha.

9. Hayyama Abukaatummaa Muummee

Hayyamani abukaatummaa muummeen Biiroodhaan kennamu hayyama abukaatummaa sadarkaa lammaffaafi tokkoffaa ni qabaata.

10. Hayyama Abukaatummaa Sadarkaa Kamiiyyuu Argachuuf Ulaagaalee Barbaachisan

1) Hayyama Abukaatummaa sadarkaa lammaffaa yookiin tokkoffaa kennuuf ulaagaawwan armaan gaditti tarreeffaman guuttamuu qabu.

(a) Afaan hojii Naannichaatiin hojjachuu kan danda'u;

(b) Heeraafi seera biyyattiifi Naannichaa kan kabajuufi kabachiisu;

(c) Qormaata ogummaa abukaatummaa kennamu kan darbe;

(d) Adeemsa sirna haqaatiif naamusa gaarii kan qabu;

(e) Tajaajila ogummaa abukaatummaa kennuuf seeraan yookiin murtiidhaan kan hin dhoorkamne;

(f) Naamusa dhabummaa wajjiin wal-qabatee yakka raawwaateen himatamee waggoottan afran darban keessaatti kan hin adabambne;

(g) Balleessaa naamusaa cimaadhaan himatamee waggoottan lamaan darban keessatti kan hin adabamin yoo ta'efi

(h) Hojii gadi-lakkisee ji'a jaha yookiin sanaa ol kan ture yoo ta'e.

2) Kan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti tumame akkuma jirutti ta'ee hayyama abukaatummaa sadarkaa lammaffaa fudhachuuf ulaagaawwan armaan gadii dabalataan guuttamuu qabu.

(a) Dhaabbata barnoota seeraan beekamtii argate irraa barumsa seeraatiin digiriin eebbifamee tajaajila ogummaa seeraatiin waggaa afur; yookiin,

(b) Dhaabbata barnoota seeraan beekamtii argate irraa barumsa seeraatiin dippiloomaan eebbifamee tajaajila ogummaa seeraatiin waggaa jahaafi isaa ol kan tajaajile yoo ta'e;

፩. የፈቃድ አይነት

የጥብቅና ፈቃድ አይነቶች ዋናና ልዩ የጥብቅና ፈቃድ ይባላሉ፡፡

፪. ዋና የጥብቅና ፈቃድ

በቢሮ የሚሰጠው ዋና የጥብቅና ፈቃድ ሁለተኛ እና አንደኛ ደረጃ ይኖራል፡፡

፫. ማንኛውንም የጥብቅና ፈቃድ ለማግኘት የሚያስፈልጉ መስፈርቶች

፩) የሁለተኛ ወይም የአንደኛ ደረጃ የጥብቅና ፈቃድ ለመስጠት ከዚህ ቀጥሎ የተዘረዘሩት መስፈርቶች መሟላት አለባቸው፡-

(ሀ) በክልሉ የሥራ ቋንቋ መሥራት የሚችል፤

(ለ) የሐገሪቱንና የክልሉን ህገ-መንግስትና ህጎች የሚያከብርና የሚያስከብር፤

(ሐ) የሚሰጠውን የጥብቅና ሙያ ፈተና ያለፈ፤

(መ) ለፍትህ ስርአት አሰራር ጥሩ ሥነ-ምግባር ያለው፤

(ሠ) የጥብቅና ሙያ አገልግሎት ለመስጠት በህግ ወይም በውሳኔ ያልተከለከለ፤

(ረ) ባለፉት አራት አመታት ውስጥ በዲሲፕሊን ጉድለት ተከሶ ያልተቀጣ ከሆነ፤

(ሰ) በከባድ የዲሲፕሊን ጥፋት ተከሶ ባለፉት ሁለት አመታት ውስጥ ያልተቀጣ ከሆነና፤

(ሸ) ስራውን ለቆ ስድስት ወር ወይም ከዚያ በላይ የቆየ ከሆነ፤

፪) በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀጽ ፩ ስር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ የሁለተኛ ደረጃ የጥብቅና ፈቃድ ለመውሰድ የሚከተሉት ተጨማሪ መስፈርቶች መሟላት አለባቸው፡-

(ሀ) በህግ እውቅና ካለው ተቋም በህግ ትምህርት በዲግሪ ተመርቆ በህግ ሙያ አገልግሎት አራት አመት ወይም፤

(ለ) በህግ እውቅና ካለው ተቋም በህግ ትምህርት በዲፕሎማ ተመርቆ በህግ ሙያ አገልግሎት ስድስት አመትና ከዚያ በላይ ያገለገለ ከሆነ፡፡

8. Types of License

The type of advocacy license shall be principal and special.

9. Principal Advocacy License

Principal advocacy license granted by the Bureau shall have 1st and 2nd level.

10. Criteria to be Fulfilled In order to Get Any Level of Advocacy License

1) 1st or 2nd level of advocacy license shall fulfill the following criteria:

(a) Who can work with the working language of the Region;

(b) Who observes the constitution and laws of the country and the region, cause its observance;

(c) Who passes the advocacy profession examination;

(d) Having proper conduct for justice system;

(e) Who is not legally or judicially interdicted from rendering advocacy service;

(f) Not being accused and penalized with disciplinary breach in the last four years;

(g) Not being penalized with severe disciplinary breach in the last two years; and

(h) Where he is six months or more after he left his job.

2) Without prejudice to Sub-Article 1 of this Article, the following criteria shall be additionally fulfilled in order to get 2nd level advocacy license:

(a) Graduating with a degree in law from a legally recognized institution and four years experience in law profession; or,

(b) Graduating with a diploma in law from a legally recognized law institution and an experience of six years or more in law profession.

3) Kan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti tumame akkuma jirutti ta'ee, hayyama abukaatum-maa sadarkaa tokkoffaa fudhachuuf ulaagaawwan armaan gadii dabal-ataan guuttamuu qabu.

- (a) Dhaabbata barnootaa seeraan beekamtii argate irraa barumsa seeraatiin digiriin eebbifamee tajaajila ogummaa seeraatiin waggaa jahaafi isaa ol kan tajaajile; yookiin,
- (b) Dhaabbata barnootaa seeraan beekamtii argate irraa barumsa seeraatiin dippiloomaan eebbifamee tajaajila ogummaa seeraatiin waggaa saddeetiifi isaa ol kan tajaajile yoo ta'e. Raawwiin Keewwata kanaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

11. Daangaa Aangoo Abukaatummaa

- 1) Abukaatoon hayyama abukaatum-maa sadarkaa lammaffaa qabu, dhimmoota aangoo manneen murtii aanaa irratti ilaalamaniif abukaatoo ta'ee tajaajila ogummaa abukaatum-maa kennuu ni danda'a.
- 2) Abukaatoon hayyama abukaatum-maa sadarkaa tokkoffaa qabu dhimmoota aangoo manneen murtii Naannichaa sadarkaa hundaa irratti ilaalmaniif tajaajila ogummaa abukaatummaa kennuu ni danda'a.
- 3) Kan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti tumame akkuma eegametti ta'ee abukaatoon hayyama sadarkaa lammaffaa qabu dhimma mana murtii aanaatti jalqabe irratti hanga mana murtii ol-iiyaata ilaalu-utti duuka bu'ee falmuu ni danda'a.

12. Hayyama Abukaatummaa Addaa

- 1) Labsii kana Keewwata 10 jalatti ulaagaalee tarreeffaman nama guutuuf, mirgaafi faayidaa ummataafi namoota dhuunfaa kabachiisuuf kan falmuufi tajaajila kenneef kaffaltii kamiyyuu kan hin fudhanneef hayyamni abukaatummaa addaa ni kennamaaf.
- 2) Labsii kana Keewwatoota 9 fi 11 jalatti kan tumaman hayyama abukaatummaa addaatiifis raawwattiinsa ni qabaatu.

፫) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፩ ስር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ የአንደኛ ደረጃ የጥብቅና ፈቃድ ለመውሰድ የሚከተሉት መስፈርቶች በተጨማሪ መሟላት አለባቸው፡-

(ሀ) በህግ እውቅና ካለው ተቋም በህግ ትምህርት በዲግሪ ተመርቆ በህግ ሙያ አገልግሎት ስድስት አመትና ከዚያ በላይ ያገለገለ ወይም፤

(ለ) በህግ እውቅና ካለው ተቋም በህግ ትምህርት በዲፒሎማ ተመርቆ በህግ ሙያ አገልግሎት ስምንት አመትና ከዚያ በላይ ያገለገለ ከሆነ፤ የዚህ አንቀጽ አፋፃሚ በሚወጣ ደምብ የሚወሰን ይሆናል፡፡

፲፩. የጥብቅና ሥልጣን ወሰን

፩) የሁለተኛ ደረጃ የጥብቅና ፈቃድ ያለው ጠበቃ በወረዳ ፍርድ ቤቶች ስልጣን የሚታዩ ጉዳዮችን ጠበቃ ሆኖ የጥብቅና ሙያ አገልግሎት መስጠት ይችላል፡፡

፪) የአንደኛ ደረጃ የጥብቅና ፈቃድ ያለው ጠበቃ በሁሉም የክልሉ ፍርድ ቤቶች ሥልጣን የሚታዩ ጉዳዮች ላይ ጠበቃ ሆኖ የጥብቅና ሙያ አገልግሎት መስጠት ይችላል፡፡

፫) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፩ ስር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ የሁለተኛ ደረጃ የጥብቅና ፈቃድ ያለው ጠበቃ በወረዳ ፍርድ ቤት የጀመረውን ጉዳይ በይግባኝ እስከሚያየው ፍርድ ቤት ተከታትሎ መከራከር ይችላል፡፡

፲፪. ልዩ የጥብቅና ፈቃድ

፩) በዚህ አዋጅ አንቀጽ ፲ ስር የተደነገጉትን መስፈርቶች ለሚያሟላ፤ የህዝብና የግለሰብ መብትና ጥቅም ለማስከበር የሚከራከርና ለሚሰጠው አገልግሎት ማንኛውንም ክፍያ ለማይቀበል ልዩ የጥብቅና ፈቃድ ይሰጠዋል፡፡

፪) በዚህ አዋጅ አንቀጽ ፱ እና ፲፩ ስር የተደነገጉት ለልዩ የጥብቅና ፈቃድም ተፈፃሚነት ይኖራቸዋል፡፡

- 3) Without prejudice to Sub-Article 1 of this Article, the following criteria shall be additionally fulfilled in order to get 1st level advocacy license:
- (a) Graduating with a degree in law from a legally recognized institution and six years experience in law profession; or,
- (b) Graduating with a diploma in law from a legally recognized law institution and an experience of eight years or more in law profession. The implementation of this Article shall be decided by the Regulation to be issued.

11. Limitation of Power in Advocacy Service

- 1) An advocate who has 2nd level license may render advocacy service for cases that fall under the jurisdiction of Wereda court.
- 2) An advocate who has 1st level license may render advocacy service for cases that fall under the jurisdiction of all Regional courts.
- 3) Without prejudice to Sub-Article 1 of this Article, any advocate with a 2nd level license who started a case on Wereda court may follow up it at any level of appellate courts.

12. Special Advocacy License

- 1) A person who has fulfilled requirements under Article 10 of this Proclamation, who plead for the rights and interest of public and private person to be respected without any kind of payment shall be granted a special license.
- 2) Provisions provided under Article 9 and 11 of this Proclamation shall be applicable on special advocacy license.

13. Sadarkaa Hayyama Abukaatummaa Fooyyeffachuu

Abukaatoon hayyama sadarkaa lammaaf-faa qabu muuxannoon hojii yookiin sadarkaan barumsaa kan hayyama sadarkaa tokkoffaa kennisiisuuf irra yoo gahe sadarkaan hayyama isaa akka fooyyahuuf Biirootti iyyaachuu ni danda'a.

14. Qormaata Ogummaa Abukaatummaa Biiron:

- 1) Hayyama abukaatummaa kennuuf iyyattootaaf qormaata qopheessee ni ken-na; yookiin akka kennamu ni taasisa.
- 2) Qormaata kenname ni sorora; qabxii ittiin darbamu ni murteessa; bu'aa qormaatichaas ni beeksisa.

15. Qormaataaf Dhiyaachuu

- 1) Labsii kana Keewwata 6 jalatti ulaagaalee hayyama abukaatummaa argachuuf tarreeffaman namni guutu kaffaltii galmee qormaataa raawwachuun qormaata ogummaa abukaatummaa fudhachuu qaba.
- 2) Kan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti tumame akkuma eegametti ta'ee, namoota abbaa alangummaan yookiin abbaa seerummaan yookiin hojii barsiisummaa seeraatiin kolleejjii yookiin yunivarsiiti beekamtii argatan irraa muuxannoo hojii waggaa jahaafi isaa olii qabaniif qormaata kennuun barbaachisaa miti.

16. Kakuu

Abukaatoon hayyama argatu kamiyyuu, hojii jalqabuun dura Hogganaa Biirrootiin yookiin nama inni bakka buuseen kakuu armaan gadii jiru ni raawwata:

“Ani _____ Biirrooti irraa hayyama abukaatummaa yammuu fudhadhu, Heeraafi seerota biyyattiifi naannichaa kabajuufi kabachiisuuf, kaayyoo sirna haqaa galmaan ga'uuf, naamusa gaariidhaan ogummaa kootiin amanamummaafi haqummaadhaan malaammaltummaa irraa bilisa ta'ee hojjachuun fedhiifi faayidaa maamiloota kiyyaa akkaataa seerri hayyamuun kabachiisuudhaaf, namoota naan falmaniifi ogeessota ogummaa akka kiyyaa qaban waliin wal kabajuu fi wal danda'uudhaan hojjachuudhaa fi olaantummaa seeraa mirkaneessuu keessatti dirqama narraa eegamu baahuuf waadaa nan seena.”

፲፫. የጥብቅና ፈቃድ ደረጃ ማሻሻል

የሁለተኛ ደረጃ የጥብቅና ፈቃድ ያለው ጠበቃ የሥራ ልምዱ ወይም የትምህርት ደረጃው የአንደኛ ደረጃ ፈቃድ የሚያስጠው ላይ ከደረሰ የፈቃድ ደረጃው እንዲሻሻልለት ለቢሮው ማመልከት ይችላል።

፲፬. የጥብቅና ሙያ ፈተና

ቢሮው፡

- ፩) የጥብቅና ፈቃድ ለመስጠት ለአመልካቾች ፈተና አዘጋጅቶ ይሰጣል ወይም እንዲሰጥ ያደርጋል።
- ፪) የተሰጠውን ፈተና ያርማል፣ የማለፍያ ነጥብ ይወስናል፣ የፈተናውን ውጤት ያስታውቃል።

፲፭. ለፈተና መቅረብ

- ፩) በዚህ አዋጅ አንቀጽ ፮ ስር የጥብቅና ፈቃድ ለማግኘት ያስፈልጋሉ ተብለው የተዘረዘሩትን መስፈርቶች የሚያሟላ ሰው የመመዝገብያ ክፍያ በመፈፀም የጥብቅና ሙያ ፈተና መውሰድ አለበት።
- ፪) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፩ ስር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ በአቃቤ ህግነት ወይም በዳኝነት ወይም በህግ መምህርነት እውቅና ባለው ኮሌጅ ወይም ዩኒቨርሲቲ የ፮ ዓመት ወይም ከዚያ በላይ የሥራ ልምድ ላላቸው ሰዎች ፈተና መስጠት አስፈላጊ አይደለም።

፲፮. ቃለ መሳላ

ማንኛውም የጥብቅና ፈቃድ የሚያገኝ ጠበቃ ስራ ከመጀመሩ በፊት በቢሮው ኃላፊ ወይም እሱ በሚወክለው ሰው የሚከተለውን ቃለ መሳላ ይፈፅማል፡

እኔ ----- ከቢሮው የጥብቅና ፈቃድ ሰውነድ፣ የሃገሪቱንና የክልሉን ህገ-መንግስትና ህጎች ለማክበርና ለማስከበር፣ የፍትህ ሥርዓቱን አላማ ከግብ ለማድረስ፣ በጥሩ ስነ-ምግባር ሙያዬን በታማኝነትና በፍትሃዊነት ከመስና ነፃ ሆኜ በመስራት ህገ-ብሔራዊው መሠረት የደምበኞቼን ፍላጎትና ጥቅም ለማስከበር፣ ከኔ ጋር የሚከራከሩ ሰዎችና ከኔ ጋር ተመሳሳይ ሙያ ያላቸው ባለሙያዎች ጋር በመከባበርና በመቻቻል ለመስራትና የህግ የባላይነትን በማረጋገጥ ወስጥ የሚጠበቅብኝን ግዴታ ለመወጣት ቃል እገባለሁ።

13. Revising Level of Advocacy License

Advocate who has a 2nd level license where his job experience or his academic level permits him 1st level advocacy license may request the Bureau to revise his license.

14. Advocacy License Examination

The Bureau shall:

- 1) Prepare and give an examination or cause to be given to applicants for an issuance of a license.
- 2) Mark examination paper, determine the pass mark and publicize the result.

15. Sitting for an Examination

- 1) Any person who fulfills the requirements listed under Article 6 of this Proclamation up on paying the registration fee shall take the advocacy license examination.
- 2) Without prejudice to Sub-Article 1 of this Article, it is not necessary to give an examination for persons who has an experience of six years or more rendering service as a judge, or prosecutor or a teacher of law in legally recognized colleges or university.

16. An Oath

Any advocate who is granted with a license, before starting his work shall take the following oath by the Bureau head or by his representative:

I _____ when taking this advocacy license from the Bureau, promise that I will give due respect and cause to be respected the constitution and laws of the country and the Region, is committed to achieve the mission of the justice system, by working with a proper ethical conduct, honest and free from corruption, honesty and cause the interest and benefit of my clients in accordance with the law, work with understanding and respect with my opponents and persons who has law profession like me, and to under way my obligation in ensuring rule of law.

KUTAA SADII**Dhaabbata Tajaajila Ogummaa
Abukaatummaa****17. Dhaabbata Tajaajila Ogummaa
Abukaatummaa Hundeessuu**

- 1) Abukaatonni hayyama muummee sadarkaan isaanii wal gitu qaban lama yookiin isaa ol ta'an dhaabbata tajaajila ogummaa abukaatummaa waliigaltee gamtaatiin hundeessuu ni danda'u.
- 2) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 tiin dhaabbatni tajaajila ogummaa abukaatummaa hunde-effamu, dhaabbata gamtaa idilee ta'ee, maqaa kennamuufitti aansee "dhaabbata gamtaa idilee" kan jedhu qabaachuu qaba.
- 3) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 tiin kan dhaabbate dhaabbanni tajaajila ogummaa abukaatummaa kaayyoon isaa tajaajila ogummaa abukaatummaa kennuuf qofa ta'a.

18. Hayyama Argachuuf Iyyaata Dhiyaatu

- 1) Hayyama argachuuf iyyanni dhaabbata tajaajila ogummaa abukaatummaatiin dhiyaatu dhimma kanaaf unkaa Biirtoon qopheesse irratti guutamuun ragaalee barbaachisaa waliin qabsiisuun kan dhiyaatu ta'a.
- 2) Iyyannoon akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 tiin dhiyaatu, ragaalee armaan gadii sirrummaan isaanii mirkanaa'e waliin wal qabatee dhiyaachuu qaba.
 - (a) Barreeffama hundeeffama dhaabbata tajaajila ogummaa abukaatummaa;
 - (b) Dambii ittiin bulmaata dhaabbata tajaajila ogummaa abukaatummaa;
 - (c) Footo koppii hayyama abukaatummaa ittigaafatamaafi miseensota dhaabbata tajaajila ogummaa abukaatummaa.

19. Hayyama Kennuu

- 1) Iyyanni dhaabbata tajaajila ogummaa abukaatummaatiin akkaataa Labsii kana Keewwata 18n guutuu ta'ee yoo dhiyaate, guyyaa iyyanni dhiyaate irraa eegalee guyyaa 5 keesatti Biirtoon hayyama kennuu qaba.
- 2) Iyyannoon hayyama abukaatummaa fudhatama kan hin arganne yoo ta'e, Biirtoon sababa iyyannichi kufaa ta'eef iyyataa beeksisuu qaba.

ክፍል ሶስት**የጥብቅና ሙያ አገልግሎት ድርጅት****፲፯. የጥብቅና ሙያ አገልግሎት ድርጅት ማቋቋም**

- ፩) ደረጃቸው ተመጣጣኝ የሆነ ዋና የጥብቅና ሙያ ፈቃድ ያላቸው ሁለት ወይም ከዚያ በላይ የሆኑ ጠበቆች የጥብቅና ሙያ አገልግሎት ድርጅት በሽርክና ማህበር ስምምነት ማቋቋም ይችላሉ።
- ፪) በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ ፩ መሠረት የሚቋቋም የጥብቅና ሙያ አገልግሎት ድርጅት ተራ የሽርክና ማህበር ሆኖ ከሚሰጠው ስም ቀጥሎ ተራ የሽርክና ማህበር የሚል ሊኖረው ይገባል።
- ፫) በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ ፩ መሰረት የተቋቋመ የጥብቅና ሙያ አገልግሎት ድርጅት አላማው የጥብቅና ሙያ አገልግሎት ለመስጠት ብቻ ይሆናል።

፲፰. ፈቃድ ለማግኘት የሚቀርብ ማመልከቻ

- ፩) ፈቃድ ለማግኘት በጥብቅና ሙያ አገልግሎት ድርጅት የሚቀርብ ማመልከቻ ለዚሁ ጉዳይ ቢሮው ባዘጋጀው ቅፅ ተሞልቶ አስፈላጊ ከሆኑ ማስረጃዎች ጋር ተያይዞ የሚቀርብ ይሆናል።
- ፪) በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ ፩ መሰረት የሚቀርበው ማመልከቻ ትክክለኛነታቸው ከተረጋገጡ ከዚህ በታች ከተዘረዘሩት ማስረጃዎች ጋር ተያይዞ መቅረብ አለበት፡-
 - (ሀ) የጥብቅና ሙያ አገልግሎት ድርጅት መመስረቻ ዕሑፍ፤
 - (ለ) የጥብቅና ሙያ አገልግሎት ድርጅት መተዳደሪያ ደምብ፤
 - (ሐ) ለጥብቅና ሙያ አገልግሎት ድርጅት ኃላፊና አባላት የተሰጡ የጥብቅና ፈቃዶች ፎቶ ኮፒ።

፲፱. ፈቃድ መስጠት

- ፩) የጥብቅና ሙያ አገልግሎት ድርጅት ማመልከቻ በዚህ አዋጅ አንቀፅ ፲፰ መሰረት ተሟልቶ ሲቀርብ ማመልከቻው ከተረጋገጠ ቀን ጀምሮ በ፭ ቀናት ውስጥ ቢሮው ፈቃድ መስጠት አለበት።
- ፪) የጥብቅና ፈቃድ ማመልከቻው ተቀባይነት ያላገኘ እንደሆነ ቢሮው ማመልከቻው ውድቅ የሆነበትን ምክንያት ለአመልካቹ ማሳወቅ አለበት።

Part Three**Law Firm****17. Establishment of a Law Firm**

- 1) Two or more advocates who have the principal advocacy license with similar status may establish professional law firm by partnership agreement.
- 2) A professional law firm which is established in accordance with Sub-Article 1 of this Article shall be a limited liability ordinary partnership and shall bear the phrase "limited liability ordinary partnership" next to its name
- 3) The professional law firm established in accordance with Sub-Article 1 of this Article shall be established to render only advocacy service.

18. Application for License

- 1) Application for law firm license shall be filled in a form prepared by the Bureau and shall be submitted with the relevant documents.
- 2) The application submitted in accordance with Sub-Article 1 of this Article shall be presented with the following authenticated document:
 - (a) Memorandum of Association of law firm;
 - (b) Bylaw of a law firm;
 - (c) Copies of advocacy license given to the head and members of the firm.

19. Issuance of License

- 1) Where application is submitted with full compliance in accordance with Article 18 of this Proclamation by the law firm, the Bureau shall issue a license within 5 days starting from the date of application.
- 2) Where the application for law firm license has been rejected, the Bureau shall notify the applicant the ground thereon.

- 3) Hayyamni dhaabbata tajaajila ogummaa abukaatummaatiif kennamu kanneen armaan gadii of keessatti qabaachuu qaba:
 - (a) Maqaa dhaabbatichaa;
 - (b) Teessoo hojii idilee dhaabbatichaa;
 - (c) Lakkoofsa waraqaa hayyamichaa;
 - (d) Guyyaafi bara hayyamni kennameefi
 - (e) Maqaafi mallattoo nama hayyama kennee.
- 4) Dhaabbanni tajaajila ogummaa abukaatummaa Biiroo irraa hayyama osoo hin argatin tajaajila ogummaa abukaatummaa kennuu hin danda'u.
- 5) Dhaabbanni tajaajila ogummaa abukaatummaa guyyaa hayyama argate irraa eegalee qaama seerummaa ni argata.

20. Nama Miseensa Dhaabbatichaa Ta'uu Danda'u

Namni miseensa dhaabbata tajaajila ogummaa abukaatummaa ta'uu danda'u akkaataa Labsii kanaatiin nama hayyama abukaatummaa muummee qabu qofaadha.

21. Dirqama Miseensotaa

- 1) Namni miseensa dhaabbata tajaajila ogummaa abukaatummaa kennu dhuunfaa isaatiin tajaajila abukaatummaa kennuus ta'e miseensa dhaabbata tajaajila ogummaa abukaatummaa biraa ta'uu hin danda'u.
- 2) Kan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti tumame jiraatuyyuu abukaatoon miseensa dhaabbata ogummaa abukaatummaa osoo hin ta'in dura dhimmoota qabate raawwachuu yookiin akkaataa Labsii kana Keewwata 5 Keewwata Xiqqaa 2 (a) fi (b)tiin falmuu ni danda'a.
- 3) Abukaatoon miseensa dhaabbata tajaajila ogummaa abukaatummaa ta'e tokko haala kamiinuu dhaabbata tajaajila ogummaa abukaatoo keessaa yoo bahu miseensa dhaabbatichaa ta'uu isaatiin iccitii dhimmoota beekuu eeguu qaba.
- 4) Nama dhaabbaticha waliin falmii qabuuf tajaajila ogummaa abukaatummaa kennuu hin qabu.

22. Barreeffama Hundeeffamaa Fooyyessuu

Barreeffamni hundeeffama dhaabbata tajaajila abukaatummaa kennuu yoo fooyya'e barreeffamni fooyya'e Biirroof dhiyaatee Biirrodhaan mirkanaa'uu qaba.

- ፫) ለጥብቅና ሙያ አገልግሎት ድርጅት የሚሰጥ ፈቃድ የሚከተሉትን የያዘ መሆን አለበት፡-
 - (ሀ) የድርጅቱን ስም፤
 - (ለ) የድርጅቱን መደበኛ የስራ አድራሻ፤
 - (ሐ) የፈቃድ ወረቀት ቁጥር፤
 - (መ) ፈቃዱ የተሰጠበትን ቀንና አመተ ምህረትና
 - (ሠ) ፈቃዱን የሰጠው ሰው ስምና ፊርማ፡
- ፬) የጥብቅና ሙያ አገልግሎት ድርጅት ከቢሮ ፈቃድ ሣያገኝ የጥብቅና ሙያ አገልግሎት መስጠት አይችልም፡፡
- ፭) የጥብቅና ሙያ አገልግሎት ድርጅት ፈቃድ ካገኘበት ቀን ጀምሮ ህጋዊ ሰውነት ይኖረዋል፡፡

፳. የድርጅቱ አባል መሆን የሚችል ሰው

አንድ ሰው የጥብቅና ሙያ አገልግሎት ድርጅት አባል መሆን የሚችለው በዚህ አዋጅ መሰረት ዋና የጥብቅና ሙያ ፈቃድ ሲኖረው ብቻ ነው፡፡

፳፩. የአባላቶቹ ግዴታ

- ፩) የአንድ የጥብቅና ሙያ አገልግሎት ድርጅት አባል የሆነ ሰው በግሉ የጥብቅና ሙያ አገልግሎት መስጠትም ሆነ የሌላ የጥብቅና ሙያ አገልግሎት ድርጅት አባል መሆን አይችልም፡፡
- ፪) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፩ ስር የተደነገገው ቢኖርም የጥብቅና ሙያ አገልግሎት ድርጅት አባል ከመሆኑ በፊት የያዛቸውን ጉዳዮች ለመፈፀም ወይም በዚህ አዋጅ አንቀጽ ፭ ንዑስ አንቀጽ ፪ (ሀ) እና (ለ) መሰረት መከራከር ይችላል፡፡
- ፫) የጥብቅና ሙያ አገልግሎት ድርጅት አባል የሆነ ሰው በማንኛውም ሁኔታ ከጥብቅና ሙያ አገልግሎት ድርጅት ቢወጣ የድርጅቱ አባል በመሆኑ ያወቃቸውን ምስጢሮች መጠበቅ አለበት፡፡
- ፬) ከድርጅቱ ጋር ክርክር ላለው ግለሰብ የጥብቅና ሙያ አገልግሎት መስጠት የለበትም፡፡

፳፪. የመመስረቻ ዕሉፍ ማሻሻል

የጥብቅና ሙያ አገልግሎት ድርጅት የመመሥረቻ ጽሑፍ የሚሻሻል ከሆነ የተሻሻለው ጽሑፍ ለቢሮ ቀርቦ በቢሮ መጽደቅ አለበት፡፡

- 3) The license issued for the law firm shall include the followings:
 - (a) Name of the law firm,
 - (b) The regular working address,
 - (c) License certificate number,
 - (d) Issuance date and year of the law firm; and
 - (e) Name and signature of the person who issued the license.
- 4) Unless the law firm is granted a license from the Bureau, it can not render advocacy service.
- 5) A law firm shall have a legal Personality as of the day of its license issuance.

20. Members to Law Firm

Membership to a law firm is allowed only for advocates with principal advocacy license according to this Proclamation.

21. Member's Obligation

- 1) Any person who is a member of one law firm shall not render advocacy service in his private capacity and be a member of another law firm.
- 2) Notwithstanding to Sub-Article 1 of this Article, an advocate may finish cases he has started before being a member of a law firm or pleads cases in accordance with Article 5 Sub-Article 2 (a) and (b) of this Proclamation.
- 3) Any advocate, who is a member of a law firm and release a law firm shall keep the secrets he knew because of his membership.
- 4) Shall not render professional advocacy service for any person who has pleading with law firm he has been a member.

22. Revision of Memorandum of Association

Where a Memorandum of Association of law firm is revised, shall be lodged to the Bureau and ratified.

23. Dirqama Ogummaan Tajaajiluu

Abukaatoon miseensa dhaabbata tajaajila ogummaa abukaatummaa dhukkubaan, hayyamaan yookiin sababa humnaa ol ta'een tajaajila irraa eegamu kennuu kan hin dandeenye yoo ta'e malee tajaajila ogummaa abukaatummaa irraa eegamu karaa dhaabbatichaatiin osoo addaan hin kutiin kennuu qaba.

24. Walitti Makamiinsaafi Adda Bahuu

- 1) Dhaabbanni tajaajila ogummaa abukaatummaa kennan lamaafi isaa ol akkaataa seera ilaallatuuniifi dambii ittiin bulmaata isaaniitiin walitti makamuu ni danda'u; walitti makamiinsi yeroo raawwatamu mirgaafi dirqamni dhaabbata tajaajila ogummaa abukaatummaa kennu duraanii gara dhaabbata walitti makameetti ni darba.
- 2) Dambiin ittiin bulmaata dhaabbatichaafi seerota biroottiin kan hayyamamu yoo ta'e, dhaabbatichi akkaataa seeraatiin adda qoodamuu ni danda'a; dhaabbanni adda qoodame mirgaafi dirqama dhaabbanni duraa-nii qabuuf ittigaafatamummaa walqixaa ni qabaata.
- 3) Dhaabbanni walitti makameefi dhaabbileen adda qoodaman akkaataa Labsii kanaatiin galmaa'uu qabu.

25. Raawwatiinsa Tumaalee Seera Daldalaa

Tumaaleen seera daldalaa dhaabbata gamtaa idilee irratti raawwatiinsa qabaatan akkaataa barbaachisummaa isaaniitti dhaabbata tajaajila ogummaa abukaatummaa irrattis raawwatiinsa ni qabaatu.

26. Itti Gaafatamummaa

- 1) Ittigaafatamaan dhaabbata tajaajila ogummaa abukaatummaa abukaatonni dhaabbaticha keessatti hojjetaniifi hojjettoonni biroos dambii naamusa ogummaa kabajuun hojjechuu isaanii ni mirkaneessa.
- 2) Dhaabbanni tajaajila abukaatummaa tajaajila kennuun wal qabatee miidhaa maamiltoota isaa irra gahuuf akkaataa Seera Hariiroo Hawaasaatiin beenyaa kafaluuf ittigaafatamummaa ni qabaata.
- 3) Miseensa dhaabbata tajaajila ogummaa abukaatummaa ta'uun tajaajila abukaatummaa kennuudhaan walitti dhufeenya seera qabeessa abukaatoofi maamila gidduutti jiraachuu qabuufi ittigaafatamummaa naamusa ogummaa abukaatummaa hin hambisu.

፳፫. በሙያ የማገልገል ግዴታ

የጥብቅና ሙያ አገልግሎት ድርጅት አባል የሆነ ጠበቃ በህመም፣ በፈቃድ ወይም ከአቅም በላይ በሆነ ምክንያት የሚጠበቅበትን የሙያ አገልግሎት ለመስጠት የማይችል ካልሆነ በቀር የሚጠበቅበትን የጥብቅና ሙያ አገልግሎት በድርጅቱ አማካኝነት ሳያቋርጥ መስጠት አለበት።

፳፬. መዋሐድና ስለመከፋፈል

- ፩) ሁለት ወይም ከዚያ በላይ የሆኑ የጥብቅና ሙያ አገልግሎት የሚሰጡ ድርጅቶች ጉዳዩ በሚመለከተው ህግና በመተዳደሪያ ደምባቸው መሰረት መዋሐድ ይችላሉ፤ ውህደቱ ሲፈፀም የነበረው የጥብቅና አገልግሎት ድርጅት መብትና ግዴታ ወደ ተዋሐደው የጥብቅና አገልግሎት ድርጅት ይተላለፋል።
- ፪) የድርጅቱ መተዳደሪያ ደምብና አግባብነት ያለው ህግ ከፈቀደ ድርጅቱ በህግ መሠረት ሊከፋፈል ይችላል፤ የተከፋፈለው ድርጅት ቀድሞ የነበረው ድርጅት ላለበት መብትና ግዴታ እኩል ተጠያቂነት አለበት።
- ፫) የተዋሐዱና የተከፋፈሉ ድርጅቶች በዚህ አዋጅ መሠረት መመዝገብ አለባቸው።

፳፭. የንግድ ህግ ድንጋጌዎች ተፈጻሚነት

በተራ የሽርክና ማህበር ላይ ተፈጻሚነት ያላቸው የንግድ ህግ ድንጋጌዎች እንደ አስፈላጊነታቸው በጥብቅና ሙያ አገልግሎት ድርጅትም ላይ ተፈጻሚነት ይኖራቸዋል።

፳፮. ተጠያቂነት

- ፩) የጥብቅና ሙያ አገልግሎት ድርጅት ጋላፊ በድርጅቱ ውስጥ የሚሰሩ ጠበቆችና ሌሎች ሰራተኞችም የሙያ ሥነ-ምግባር ደንብ አክብረው እየሰሩ መሆናቸውን ያረጋግጣል።
- ፪) የጥብቅና አገልግሎት ድርጅት ከሚሰጠው አገልግሎት ጋር በተያያዘ በደንበኞቹ ላይ ለሚደርሰው ጉዳት በፍትሐብሔር ህግ መሠረት ካሳ የመክፈል ግዴታ አለበት።
- ፫) የጥብቅና ሙያ አገልግሎት ድርጅት አባል ሆኖ የጥብቅና ሙያ አገልግሎት መስጠት በደንበኛውና በጠበቃው መካከል ሊኖር የሚገባውን ህጋዊ ግንኙነትና የሙያ ሥነ-ምግባር ተጠያቂነትን አያስቀርም።

23. Obligation to Serve Professionally

An advocate who is a member of a law firm shall render advocacy service without interruption unless otherwise he is sick, on leave or in force majeure.

24. Merging and Division of Law Firm

- 1) Two or more law firms may merge in accordance with the law and its memorandum of association; rights and obligations of the merged firms shall be transferred to the newly formed one's.
- 2) A firm may be divided in accordance with the law and its memorandum of association; rights and obligations of the divided firm shall be transferred equally to the newly formed firms.
- 3) The merged and divided firm shall be registered in accordance with this Proclamation.

25. Applicable of Provisions of Commercial Code

The provisions of Commercial Code which are applicable on ordinary partnership shall also be applicable on law firm as may be necessary.

26. Accountability

- 1) The head of a law firm shall ensure whether advocates and other workers working in the firm respect professional ethics.
- 2) Any law firm which render advocacy service shall be liable to correct any injury sustained by its client in accordance with civil law.
- 3) Being a member of a law firm and rendering advocacy service shall not disregard the lawful relationship between an advocate and a client, and the accountability for professional ethics.

27. Haala Hayyamni Itti Haqamu

- 1) Hayyamni dhaabbata tajaajila ogummaa abukaatummaa kennuu sababoota armaan gadiitiin ni haqama:
 - (a) Dhaabbatichi hojiisaa yoo dhaabe;
 - (b) Dhaabbatichi hayyama isaaf kennameefi kaayyoo ittiin hundeeffameen ala hojjatee yoo argame;
- 2) Gumiin Dhimma Naamusa Abukaa-totaa sadarkaa godinaatti hundeeffamuu ni danda’a; haalli hundeeffamaa, aangoo fi hojii isaa Dambii bahuun kan murtaa’u ta’a.

55. Miseensota Gumii

- 1) Gumiin, miseensota armaan gadii ni qabaata:
 - (a) Hogganaa Biiroo ... Walitti Qabaa;
 - (b) Itti Aanaa Hogganaa Biiroo ... Itti Aanaa Walitti Qabaa;
 - (c) Hogganaa Biirootiin kan ramadaman Abbootii Alangaa lama ... miseensa;
 - (d) Mana Murtii Waliigalaa irraa Abbaa Seeraa tokko ... miseensa;
 - (e) Waldaa Abukaatotaatiin kan ramadaman bakka bu’oota lama ... miseensa.
- 2) Barri hojii miseensa tokkoo waggaa lamaaf ta’a.
- 3) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta’ee, miseensi kamiyyuu irra deebiin filatamuu ni danda’a.

56. Aangoo fi Hojii Gumii:

- Gumiin aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:
- 1) abukaatoo yookiin dhaabbata tajaajila ogummaa abukaatumma irratti Labsii kana yookiin Dambii bu’uura Labsii kanaatiin bahu darbuun himanni yammuu dhiyaatu himaticha fudhatee calaluun murtii ni kenna.
 - 2) Bu’uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 tiin murtiin kenname kamiyyuu galmee dhuunfaa abukaatichaa keessatti akka galmeeffamuu ni taasisa.
 - 3) Himata abukaatoo yookiin dhaabbata tajaajila ogummaa abukaatummaa irratti dhiyaate ilaaluu kan dandeessisu ragaan jiraachuu isaa yoo mirkaneeffate, abukaatichi yookiin dhaabbatichi deebii isaa guyyaa 15 keessatti akka dhiyeessu waraqaa waamichaa irratti ibsuun himaticha abukaatichaaf yookiin dhaabbatichaaf ni erga.

ክፍል ስድስት**የጠበቆች የዲሲፕሊን ጉባኤ****፶፬. አመሰራረት**

- ፩) የኦሮሚያ ክልል የጠበቆች የዲሲፕሊን ጉባኤ ጉባኤ ከዚህ በኋላ “ጉባኤ” እየተባለ የሚጠራ በዚህ አዋጅ ተመስርቷል።
- ፪) የጠበቆች የዲሲፕሊን ጉባኤ ጉባኤ እንደ አስፈላጊነቱ በዞን ደረጃ ሊመሰረት ይችላል፤ የአመሠራረቱ ሁኔታ፣ ስልጣንና ተግባሩ በሚወጣው ደምብ የሚወሰን ይሆናል።

፶፭. የጉባኤው አባላት

- ፩) ጉባኤው የሚከተሉትን አባላት ይኖሩታል።
 - (ሀ) የቢሮ ኃላፊ ... ሰብሳቢ፤
 - (ለ) ምክትል የቢሮ ኃላፊ ... ምክትል ሰብሳቢ፤
 - (ሐ) በቢሮ ኃላፊ የሚመደቡ ሁለት አቃቤያን ህግ ... አባል፤
 - (መ) ከጠቅላይ ፍርድ ቤት አንድ ዳኛ ... አባል፤
 - (ሠ) በጠበቆች ማህበር የሚመደቡ ሁለት ተወካዮች ... አባል፤
- ፪) የአንድ አባል የሥራ ዘመን ሁለት አመት ይሆናል።
- ፫) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፪ ስር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ ማንኛውም አባል በድጋሚ መመረጥ ይችላል።

፶፮. የጉባኤው ስልጣንና ተግባር

- ጉባኤው የሚከተሉት ሥልጣንና ተግባር ይኖሩታል።
- ፩) በጠበቃ ወይም የጥብቅና አገልግሎት በሚሰጥ ድርጅት ላይ ይህንን አዋጅ ወይም በአዋጁ መሠረት የሚወጣውን ደንብ በመተላለፍ ክስ ሲቀርብ ክስን ተቀብሎ በማጣራት ውሳኔ ይሰጣል።
 - ፪) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፩ መሠረት የተሰጠ ማንኛውም ውሳኔ በጠበቃው የግል ማህደር ውስጥ እንዲመዘገብ ይደረጋል።
 - ፫) በጠበቃ ወይም በጥብቅና ሙያ ድርጅት ላይ የቀረበ ክስ ለማየት የሚያስችል ማስረጃ መኖሩን ካመነ ጠበቃው ወይም ድርጅቱ በ፲፭ ቀን ውስጥ መልሱን እንዲያቀርብ በጥሪ ወረቀቱ ላይ በመግለጽ ለጠበቃው ወይም ለድርጅቱ መጥሪያ ወረቀት ይልክታል።

PART SIX**Commission of Disciplinary Matters of Advocates****54. Establishment**

- 1) Commission of Disciplinary Matter of Advocates of Oromia Region here after called “Commission” shall be established by this Proclamation
- 2) The Commission of Disciplinary Matters of Advocate may be established at Zonal level; the condition of establishment, powers and duties of this Commission shall be decided by the Regulation to be issued.

55. Members of the Commission

- 1) The Commission shall have the following members:
 - (a) Head of the Bureau ... chairperson,
 - (b) Vice head of the Bureau ... Deputy chairperson,
 - (c) Two prosecutors assigned by the head of the Bureau ... member,
 - (d) One judge from the Supreme Court ... member,
 - (e) Two advocates assigned by Advocate's Association ... member;
- 2) Term of office of a member shall be two years.
- 3) Without prejudice to Sub-Article 2 of this Article, any member may be elected again.

56. Powers and Duties of the Commission

- The Commission shall have the following powers and duties:
- 1) Examine and give decision on an accusation lodged against an advocate or law firm for violating this Proclamation or Regulation issued in accordance with this Proclamation.
 - 2) Cause any decision given in accordance with Sub-Article 1 of this Article to be registered in private file of an advocate.
 - 3) Where it is ensured that the evidence is sufficient to entertain the charge against an advocate or law firm the charge is sent with a notice for him/it to submit a statement of defense within 15 days.

4) Himataafi ragaan abukaaticha yookiin dhaabbaticha irratti dhiyaate, akkasumas deebiifi ragaan abukaaticha yookiin dhaabbatichaan kenname erga qoratamee booda:

(a) Himatichi yoo sirrii ta'uu baate ykn ragaa gahaadhaan yoo deeg-garamuu baate, himaticha haquun abukaatichi yookiin dhaabbatichi akka gaggeeffamu ni taasisa.

(b) Himatichi sirrii yoo ta'eefi ragaadhaan yoo deeggarama, akkuma ulfaatina balleessaa raawwatameetiin adabbiiwwan Keewwata 38 Keewwata Xiqqaa 2 jalatti tumaman keessaa tokko irratti ni kenna.

5) Bu'uura Labsii kana Keewwata 34 Keewwata Xiqqaa 1 jalatti tumameen abukaatoon yookiin dhaabbata tajaajila ogummaa abukaatummaa hayyama isaa hin deebisu yoo jiraate dhimmicha qorachuun hayyamicha akka deebisu murteessuu ni danda'a.

6) Bu'uura Labsii kana Keewwata 41 jalatti tumameen abukaatoon yookiin dhaabbata tajaajila ogummaa abukaatummaa yeroof hayyama isaa dhoorkee tursiisuu ni danda'a.

7) Haala yookiin akkaataa murtiin itti raawwatamu irratti ajaja ni kenna; ni raawwachiisa.

8) Barreessaa Gumii ni ramada.

9) Hojimaata isaa ilaalchisee qajeelfama ni qopheessa.

57. Sirna Walga'ii Gumii

1) Gumiin ji'a ji'aan walgahii idilee kan qabaatu ta'ee, akkaataa barbaachisummaa isaatti walgahii ariifachiisaa waamuu ni danda'a.

2) Miseensota Gumii keessaa harki walakkaa ol yoo argaman walgahiin Gumii guutuu ta'a.

3) Murtiileen Gumii sagalee caalmaatiin kan darbu ta'ee, sagaleen walqixa yoo ta'e yaadni walitti qabaan deeggarama murtii Gumii ni ta'a.

KUTAA TORBA

Barreessitoota Dhimma Seeraa

58. Kenniinsa Tajaajila Barreessaa Dhimma Seeraa

1) Barreessaan Dhimma Seeraa kamiyyuu gaaffii maamila isaa irratti hundaa'uudhaan bu'uura seeraatiin tajaajila iyyannoo seeraa barrees-suu yookiin waliigaltee adda addaa qopheessuu qaba.

ሀ) በጠበቃው ወይም በጥብቅና ሙያ ድርጅት ላይ የቀረበ ክስ ወይም ማስረጃ እንዲሁም በጠበቃው ወይም በድርጅቱ የቀረበው መልስና ማስረጃ ከተመረመረ በኋላ፡-

(ሀ) ክሱ ትክክል ካልሆነ ወይም በበቂ ማስረጃ ካልተደገፈ ክሱ ተሰርዞ ጠበቃው ወይም ድርጅቱ እንዲሰናበት ያደርጋል፡፡

(ለ) ክሱ ትክክል ከሆነና በማስረጃ ከተደገፈ እንደተፈፀመው ጥፋት ክብደት በዚህ አዋጅ አንቀፅ ፵፭ ንዑስ አንቀፅ ፪ ስር ከተደነገጉት ቅጣቶች ውስጥ አንዱን ይወስንበታል፡፡

፩) በዚህ አዋጅ አንቀጽ ፵፬ ንዑስ አንቀጽ ፩ ሥር በተደነገገው መሠረት ፈቃዱን ያልመለሰ ጠበቃ ወይም የጥብቅና ሙያ አገልግሎት ድርጅት ካለ ጉዳዩን በመመርመር ፈቃዱን እንዲመልስ ውሳኔ መወሰን ይችላል፡፡

፪) በዚህ አዋጅ በአንቀጽ ፵፩ ስር በተደነገገው መሰረት የጠበቃውን ወይም የጥብቅና አገልግሎት ድርጅት ፍቃድ ለጊዜው አግዶ ማቆየት ይችላል፡፡

፫) በውሳኔው አፈጻጸም ሁኔታ ላይ ትዕዛዝ ይሰጣል፤ ያስፈፅማል፡፡

፬) የጉባኤውን ፀሐፊ ይመድባል፡፡

፭) የአሠራር ሥርዓቱን በተመለከተ መመሪያ ያዘጋጃል፡፡

፶፯. የጉባኤው የስብሰባ ሥርዓት

፩) ጉባኤው በየወሩ መደበኛ ስብሰባ የሚኖረው ሆኖ እንደ አስፈላጊነቱ አስቸኳይ ስብሰባ ሊጠራ ይችላል፡፡

፪) ከጉባኤው አባላት ከማንሽ በላይ ከተገኙ ምልዐተ ጉባኤ ይሆናል፡፡

፫) የጉባኤው ውሳኔ በአብላጫ ድምጽ የሚወሰን ሆኖ ድምጽ እኩል ከሆነ ሰብሳቢው የደገፈው ሀሳብ የጉባኤው ውሳኔ ይሆናል፡፡

ክፍል ሰባት

የህግ ጉዳይ ፀሐፊዎች

፶፰. የህግ ጉዳይ ጽህፈት አገልግሎት አሰጣጥ

፩) ማንኛውም የህግ ጉዳይ ፀሐፊ በደንበኛው ላይ በመመሥረት በህግ መሰረት የህግ ማመልከቻ መፃፍ አገልግሎት መስጠት ወይም የተለያዩ ውሎች ማዘጋጀት አለበት፡፡

4) After examining charges and evidence against an advocate or law firm as well as the statement of defense and the evidence to support it:

(a) Where the charge is not correct or is not supported by sufficient evidence, it cancels the charge and let an advocate or law firm free.

(b) Where the charge is correct and supported by sufficient evidence it evaluates the gravity of the breach committed and decide one of the penalties described under Article 38 Sub-Article 2 of this Proclamation.

5) Examine and give decision on an advocate or law firm where he did not return his license in accordance with Article 34 Sub-Article 1 of this Proclamation.

6) Based on Article 41 of this Proclamation suspend license of an advocate or law firm for temporarily.

7) Give order on the condition of the execution of the decision; cause it to be executed.

8) Assign the secretary of the Commission.

9) Prepare directives regarding its work procedure.

57. Meeting Procedure of the Commission

1) The Commission shall have regular meeting once in a month and it may call urgent meeting as may be necessary.

2) It shall be a quorum where more than fifty percent of the members of the Commission are present.

3) Decision shall be passed by majority vote, in case of a tie the decision supported by the chairperson shall be the decision of the Commission.

PART SEVEN

Paralegals

58. Rendering service of paralegal

1) Any paralegal shall prepare legal application or different contract in accordance with the law and the request of his client.

- 2)Iyyannoo seeraa barreesse irratti mallattoofi tiitarii maqaafi gahee hojii isaa ibsu kaa'uu qaba.
- 3)Tajaajilawwan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti tumamaniin alatti tajaajila biroo kamiyyuu kennuu hin danda'u.
- 4)Iddoo tajaajila itti kennutti teessoo dhaabbii qabaachuu qaba.
- 5)Taajaajilli kennamu abbaa hayyama fudhate qofaan ta'uu qaba.
- 6)Dambii yookiin Qajeelfama bahu irratti hundaa'uun tajaajila kana gurmaa'anii kennuun ni danda'ama.

59. Galmaa'uufi Hayyama Argachuu

- 1)Barreessaan dhimma Seeraa Godina keessatti hojjechuu barbaadu keessatti Waajjira Haqaa Godinaatti galmaa'ee hayyama argachuu qaba.
- 2)Barreessaan Dhimma Seeraa kamiyyuu osoo hin galmaa'inii fi hayyama hin argatin tajaajila Labsii kana Keewwata 58 jalatti tumaman kennuu hin danda'u.

60. Hayyama Argachuuf Ulaagalee Guutamuu Qaban

Hayyama argachuuf ulaagaaleen armaan gadii guutamuu qabu:

- 1)Afaan hojii Naannichaatiin hojjechuu kan danda'u;
- 2)Heeraafi seera biyyattiifi Naannichaa kan kabajuufi kabachiisu;
- 3)Leenjii dhimma seeraa wajjiin walqabate kan ji'a sadii gadi hin taane fudhachuu isaa, yookiin muuxannoo ogummaa tajaajila seeraa wajjiin wal qabatu kan waggaa tokko qabaachuu isaa, yookiin hojii barreessuu dhimma seeraa waggoota sadan walitti aananii jiraniif hojjachaa jiraachuu isaa, yookiin barumsa seeraa qabaachuu isaa ragaa agarsiisu kan dhiyeeffate;
- 4)Sadarkaan barumsaa isaa kutaa 10 fi isaa ol ta'uu isaa ragaa agarsiisu;
- 5)Naamusa gaarii qabaachuu isaa ragaa agarsiisu;
- 6)Hayyama fudhachuuf kaffaltii murtaa'e kan kaffaluufi,

- ፩) በሰራው የህግ ማመልከቻ ላይ ፊርማና የሥራ ድርሻውን የሚገልፅ የሥም ተተር ማስቀመጥ አለበት ።
- ፪) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፩ ከተጠቀሱት አገልግሎቶች ውጪ ማንኛውንም ሌላ አገልግሎት መስጠት አይችልም።
- ፫) አገልግሎት በሚሰጥበት ቦታ ቋሚ አድራሻ ሊኖረው ይገባል።
- ፬) የሚሰጠው አገልግሎት ፍቃዱን በወሰደው ሰው ብቻ መሆን አለበት።
- ፭) ይህን አገልግሎት በሚወጣው ደምብ ወይም መመሪያ መሠረት በመደራጀት መስጠት ይቻላል።

፶፪. መመዝገብና ፈቃድ ማግኘት

- ፩) የህግ ጉዳይ ፀሐፊ መሥራት በሚፈልገው ዞን ውስጥ በፍትህ ጽ/ቤት ተመዝግቦ ፈቃድ ማግኘት አለበት።
- ፪) ማንኛውም የህግ ጉዳይ ፀሐፊ ሳይመዘገብና ፈቃድ ሳያገኝ በዚህ አዋጅ አንቀጽ ፶፭ ሥር የተዘረዘሩትን አገልግሎቶች መሥጠት አይችልም።

፶፫. ፈቃድ ለማግኘት መሟላት የሚገባቸው መስፈርቶች

ፈቃድ ለማግኘት የሚከተሉት መስፈርቶች መሟላት አለባቸው፡-

- ፩) በክልሉ ቋንቋ መስራት የሚችል፤
- ፪) የአገሪቱንና የክልሉን ሕገ መንግስትና ህግ የሚያከብርና የሚያስከብር፤
- ፫) ከህግ ጉዳይ ጋር የተያያዘ ከሦስት ወር ላላነሰ ጊዜ ሥልጠና መውሰዱን የሚያሳይ፤ ወይም ከህግ አገልግሎት ጋር የተያያዘ የአንድ አመት የመያያዝ ልምድ ያለው፤ ወይም በህግ ጉዳይ ፀሐፊነት ለሦስት ተከታታይ አመታት እየሠራ መሆኑን፤ ወይም የህግ ትምህርት ያለው መሆኑን የሚያሳይ ማስረጃ ያቀረበ፤
- ፬) የትምህርት ደረጃው ፲ኛ ክፍልና ከዚያ በላይ መሆኑን የሚያሳይ ማስረጃ የሚያቀርብ፤
- ፭) መልካም ስነ ምግባር ያለው መሆኑን የሚያሳይ ማስረጃ፤
- ፮) ፈቃድ ለመውሰድ የተወሰነውን ክፍያ የሚከፍልና፤

- 2) Put his signature and the name stamp describing his name and job on the application he wrote.
- 3) Any paralegal shall not give any service other than described under Sub-Article 1 of this Article.
- 4) Any paralegal shall have permanent address at a place where he gives service.
- 5) The service shall be given only by the paralegal who acquired a license.
- 6) Any paralegal may render a service by organizing in partnership based on a Regulation or Directive to be issued.

59. Registration and Grant of License

- 1) A paralegal shall register and acquired license from the Justice Office found in the Zone he wants to render service in.
- 2) Any paralegal shall not render service described under Article 58 of this Proclamation unless he is registered and granted a license.

60. Requirements to be Licensed

To acquire a license the following requirements shall be fulfilled:

- 1) Who can work with the region language;
- 2) Observe, cause the observance of the constitutions and laws of the country and the region;
- 3) Who submits documents showing that he has taken training related to law for not less than three months or have an experience related to law for one year or have been working as a paralegal for the last three consecutive years or that he has law education;
- 4) Present documents showing his educational status to be grade 10 or above;
- 5) Documents showing that he has good conduct;
- 6) Who pays the fee set to acquire a license;

- 7)Hojii mootummaa kan hin qabne ta'uu isaa ragaa agarsiisu kan qabu.

61. Kaffaltii Tajaajilaa

- 1)Barreessaan Dhimma Seeraa kamiyyuu tajaajila kenneef kaffaltii tajaajilaa madaalawaa ta'e kaffalchiisuu ni danda'a.
- 2)Kaffaltii kaffalchiiseef nagahee kennuu qaba; hammi kaffaltii Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.
- 3)Qaamni barreeffameefirra deebi'amee haabarreeffamu yoo jedhe, Barreessaan Dhimma Seeraa barreeffamicha qopheessee kaffaltii dabalataa malee sirreessee barreessuu qaba.
- 4)Galii argate irraa mootummaaf gibira kaffaluu qaba.

62. Hayyama Argachuuf Iyyannoo Dhiyaatu

Namni hayyama Barreessaa Dhimma Seeraa argachuuf barbaadu unkaa iyyannoo dhimma kanaaf qophaa'e guuttee dhiyeffachuu qaba.

63. Hayyama Haaromsuu

- 1)Hayyamni Barreessaa Dhimma Seeraa waggaa waggaa kan haaromfamu ta'ee, yeroon haaromsaa ji'a Adoolessa 1 hanga 30 ta'a.
- 2)Yeroo Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti tumame keessatti Barreessaan Dhimma Seeraa hayyama isaa hin haaromsine hanga Onkollessa 30 tti adabbii qarshii dabalataa kaffaluun haaromsachuu ni danda'a.
- 3)Bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 tiin Barreessaan Dhimma Seeraa sababa humnaa ol ta'een yeroo kaa'ame keessatti hayyama isaa hin haaromsiiifne akka ilaalamuuf Godina hayyama itti argatetti iyyachuu ni danda'a.
- 4)Hayyamicha haaromsuuf gibira Mootummaa kaffaluu isaa ragaa agarsiisu dhiyeessuu qaba; akkasumas kaffaltii haaromsa hayyamaa kaffaluu qaba.

64. Barreessaa Dhimma Seeraa Hojjii Irra Jiru

Barreessaan Dhimma Seeraa Labsiin kun bahuun dura hojii irra jiru ulaa gaalee Labsii kana Keewwata 60 jalatti tumaman yoo guuta ta'e guyyaa Labsiin kun bahe irraa eegalee ji'a jaha keessatti galmaa'ee hayyama fudhachuu qaba.

- ፯) የመንግሥት ሥራ የሌለው መሆኑን የሚያሳይ ማስረጃ ያለው።

፳፩. የአገልግሎት ክፍያ

- ፩) ማንኛውም የህግ ጉዳይ ፀሐፊ ከሰጠው አገልግሎት የሚመጣጠን ክፍያ ማስከፈል ይችላል።
- ፪) ላስከፈለው ክፍያ ደረሰኝ መስጠት አለበት፤ የክፍያው መጠን በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል።
- ፫) የተፃፈለት ሰው በድጋሚ ይፃፍ ካለ ይዘጋጀው የህግ ጉዳይ ፀሐፊ ያለ ተጨማሪ ክፍያ አስተካክሎ መጻፍ አለበት።
- ፬) ከሚያገኘው ገቢ ለመንግስት ግብር መክፈል አለበት።

፳፪. ፈቃድ ለማግኘት የሚቀርብ ማመልከቻ

የህግ ጉዳይ ፀሐፊነት ፈቃድ ለማግኘት የሚፈልግ ሰው ለዚህ ጉዳይ በተዘጋጀ ፎርም ጥልቶ ማቅረብ አለበት።

፳፫. ፈቃድ ማሳደስ

- ፩) የህግ ጉዳይ ፀሐፊ ፈቃድ በየአመቱ የሚታደስ ሆኖ የማደግ ጊዜው ከሐምሌ ፩ እስከ ፴ ይሆናል።
- ፪) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፩ ስር በተደነገገው ጊዜ ውስጥ ፈቃዱን ያሳሳደሰ የህግ ጉዳይ ፀሐፊ ተጨማሪ የገንዘብ ቅጣት በመክፈል እስከ ጥቅምት ፴ ሊያሳደስ ይችላል።
- ፫) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፪ በተደነገገው መሰረት የህግ ጉዳይ ፀሐፊ ከአቅም በላይ በሆነ ምክንያት በተቀመጠው ጊዜ ውስጥ ፈቃዱን ካሳሳደሰ እንዲታይለት ፈቃድ ለሰጠው የዘን ፍትህ ጽህፈት ቤት ሊያመለክት ይችላል።
- ፬) ፈቃዱን ለማሳደስ የመንግስት ግብር መክፈሉን የሚያሳይ ማስረጃ ማቅረብ አለበት፤ እንዲሁም የፈቃድ ማሳደጃ ክፍያ መክፈል አለበት።

፳፬. በሥራ ላይ ያለ የህግ ጉዳይ ፀሐፊ

ይህ አዋጅ ከመውጣቱ በፊት በሥራ ላይ ያለ የህግ ጉዳይ ፀሐፊ በዚህ አዋጅ አንቀጽ ፳ ስር የተደነገጉትን መሥራቶች የሚያሟላ ከሆነ ይህ አዋጅ ከወጣበት ቀን ጀምሮ በስድስት ወር ጊዜ ውስጥ ተመዝግቦ ፈቃድ መውሰድ አለበት።

- 7) Who have documents showing that he is not a government employee.

61. Service Payment

- 1) Any paralegal may make the client to pay money equivalent to the service he renders.
- 2) He shall give a receipt for the payment of service given; the service fee shall be determined by the Regulation to be issued.
- 3) Where the body to whom the application has been written requests for it to be written again, a paralegal shall write the application correctly without additional payment.
- 4) The paralegal shall pay tax for income earned.

62. Application Submitted to Acquire License

A person who wants to acquire a license to render service of paralegal shall fill and submit the form prepared for such purpose.

63. Renewal of License

- 1) Renewal of license shall be one at a year and it is excited from Hamle 1 up to Hamle 30 in Ethiopian calendar.
- 2) A paralegal who fails to renew his license with in the time limit stated under Sub-Article 1 of this Article may renew by paying a penalty fee-until Tikmit 30.
- 3) A paralegal who fails to renew his license with in the time limit stated under Sub-Article 2 of this Article due to force majeure may submit an application to the Zonal Justice Office for the renewal of his license.
- 4) Shall submit a document showing that he had paid tax for the renewal of his license; he shall also pay renewal fee.

64. Paralegals Existing on Work

Where a person have been working as a paralegals before the coming in to force of this Proclamation and fulfills the requirements stated under Article 60 of this Proclamation shall register and take a license within six months starting from the coming in to force of this Proclamation.

65. Balleessaawwan Cimaafi Salphaa

- 1) Kanneen armaan gadiitti tarreeffaman balleessaawwan cimaadha:
 - (a) Gaaffiifi yaada maamilaatiin ala iyyannoo yookiin waliigaltee barreessuu;
 - (b) Dhimmoota unkaaleen tajaajila bilisaa ittiin kennaman bakka jiranitti iyyannoo seeraa kaffaltiidaan barreessuu;
 - (c) Hojii ammaalaajummaa (waahe-lummaa) hojjachuu;
 - (d) Hayyama dhoorkameen tajaajila kennuu;
 - (e) Hayyama hin haaromsamneen hojjechuu;
 - (f) Abbaa dhimmaa irraa ragaalee yookiin sanadoota fuudhanii dhoksuu yookiin teesssoo dhaabbii irraa dhabamuu;
 - (g) Iccitii maammilaa baasuu;
 - (h) Abukaatoo of fakkeessanii abbaa dhimmaatti dhiyaachuu;
 - (i) Waa'ee isaa yookiin tajaajila kennu irratti ibsa sobaa yookiin ibsa nama dogongorsu kennuu;
 - (j) Balleessaa naamusaa salphaatiin yeroo lamaafi isaa oliif himatamee kan adabame;
 - (k) Ragaa sobaa yookiin ibsa sobaa yookiin dogongorsuudhaan hayyama barreessaa dhimma seeraa argachuu;
 - (l) Garee wal falmitoota lamaaniif iyyannoo seeraa barreessuu.
- 2) Kanneen armaan gadiitti tarreeffaman balleessaawwan salphaadha:
 - (a) Hayyama osoo hin haaromsine hafuu;
 - (b) Iyyannoo seeraa keessatti jechoota kabaja namaa tuqanitti fayyadamuu;
 - (c) Kafaltii tajaajila kennamu waliin wal hin madaalle kaffalchiisuu.

66. Hayyama Dhoorkanii Tursiisuu

Barreessaan Dhimma Seeraa gochawwan Labsii kana Keewwata 65 jalatti tumaman raawwatee yoo argame dhimmichi hanga qulqullaa'utti hanga ji'a lamaatti Waajjirri Haqaa Godinaa hayyama isaa dhoorkee tursiisuu ni danda'a.

፩፻፱፻፳፯. ከባድና ቀላል ጥፋቶች

- ፩) ከዚህ በታች የተዘረዘሩት ጥፋቶች ከባድ ጥፋቶች ናቸው፡
 - (ሀ) ከተገልጋዩ ጥያቄና ሐሳብ ውጪ ማመልከቻ ወይም ውል መጻፍ፤
 - (ለ) ነፃ አገልግሎት የሚሰጥባቸው ፎርሞች ባሉበት ሁኔታ የህግ ማመልከቻ በክፍያ መጻፍ፤
 - (ሐ) የአማላጅነት ሥራ መስራት፤
 - (መ) በታገደ ፈቃድ አገልግሎት መስጠት፤
 - (ሠ) ባልታደሰ ፈቃድ መሥራት፤
 - (ረ) ከባለ ጉዳይ ላይ ማስረጃዎችን ወይም ሰነዶችን ወስዶ መደበኛ ወይም ከቋሚ አድራሻ መጥፋት፤
 - (ሰ) የደንበኛን ሚስጥር ማውጣት፤
 - (ሸ) እራሱን ጠበቃ በማስመሰል ባለጉዳይ መቅረብ፤
 - (ቀ) ስለራሱ ወይም በሚሰጠው አገልግሎት ላይ የሀሰት መግለጫ ወይም ሰውን የሚያሳስት መግለጫ መስጠት፤
 - (በ) በቀላል የዲሲፕሊን ጥፋት ሁለትና ከዚያ በላይ ተከሶ የተቀጣ፤
 - (ተ) በሐሰት ማስረጃ ወይም በሀሰት መግለጫ ወይም በማሳሳት የህግ ጉዳይ ፀሐፊ ፈቃድ ማግኘት፤
 - (ቸ) ለሁለት ተከራካሪ ወገኖች የህግ ማመልከቻ መጻፍ፤
- ፪) ከዚህ በታች የተዘረዘሩት ጥፋቶች ቀላል ጥፋቶች ናቸው፡
 - (ሀ) ፈቃድን ሳያሳድሱ መቅረት፤
 - (ለ) በህግ ማመልከቻ ውስጥ የሰውን ክብር የሚነኩ አባባሎችን መጠቀም፤
 - (ሐ) ከአገልግሎቱ ጋር የማይመጣጠን ክፍያ ማስከፈል፤

፳፮. ፈቃድን አግዶ ማቆየት

የህግ ጉዳይ ፀሐፊ በዚህ አዋጅ አንቀጽ ፳፭ ስር የተደነገጉትን ተግባራት ፈፅሞ የተገኘ እንደሆነ ጉዳዩ እስኪጣራ ድረስ የዞን ፍትህ ጽ/ቤት ለሁለት ወራት ፈቃዱን አግዶ ማቆየት ይችላል፡፡

65. Severe and Simple Breachs

- 1) The following shall be severe disciplinary breaches:
 - (a) Writing an application or a contract without the request and opinion of the client;
 - (b) Writing legal application with consideration where free service formats are available;
 - (c) Working with acquaintanceship;
 - (d) Rendering service with a suspended license;
 - (e) Working without a renewed license;
 - (f) Disappearing from his permanent address or hiding evidence and documents of a client;
 - (g) Disclosing client's secret;
 - (h) Masquerading and presenting oneself as an advocate;
 - (i) Giving false or fraudulent explanation regarding himself or the service he renders;
 - (j) Accused and convicted of simple disciplinary breaches two times or more;
 - (k) Acquiring paralegal license using false document or fraudulent explanation;
 - (l) Writing an application for two contending parties;
- 2) The Following shall be simple disciplinary breaches:
 - (a) Failing to renew a license;
 - (b) Using words that undermine human dignity in a legal application;
 - (c) Causing a client pay more than that what is comparable with the service he rendered.

66. Retaining The Suspension of License

Where a paralegal found violating the provisions of Article 65 of this Proclamation, the Zonal Justice Office may suspend his license for two months until the case is examined.

67. Haala Miidhamaan Iyyannoo Komii Itti Dhiyeffatu

- 1) Namni Barreessaa Dhimma Seeraatiin miidhaan irraa gahe iyyannoo isaa Waajjira Haqaa Godinaatti yookiin Aanaatti barreeffamaan yookiin afaaniin dhiyeffachuu ni danda'a.
- 2) Iyyannoon kan dhiyaatu ragaa waliin yookiin iddoo ragaan itti argamu eeruudhaan ta'uu qaba.
- 3) Waajjirri Haqaa Aanaa iyyannoo dhiyaate gara Waajjira Haqaa Godinaatti dabarsuu qaba.
- 4) Gumiin Dhimma Naamusa Barrees-sitoota Dhimma Seeraa iyyannoo dhiyaate qorachuudhaan hayyama haquu dabalatee tarkaanfii barbaachisaa ta'e ni fudhata.

68. Adabbii

- 1) Barreessaa Dhimma Seeraa badii raawwachuun isaa mirkanaa'e badii raawwate bu'uura godhachuun adabbiiwwan armaan gadiitti tarreeffaman keessaa tokko itti murtaa'uu ni danda'a:
 - (a) Akeekkachiisa afaanii;
 - (b) Akeekkachiisa barreeffamaa;
 - (c) Adabbii qarshii 200 hanga 1000 ga'u;
 - (d) Adabbii qarshii 1000 ol hanga 3000 ga'u;
 - (e) Ji'a sadii hanga waggaa tokkotti hayyama dhoorkanii tursiisuu; yookiin,
 - (f) Hayyama haquu.
- 2) Kan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1(a) - (c) tti tarreeffaman adabbii naamusaa salphaa jedhamuun ramadamu.
- 3) Kan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1(d) - (f) tti tarreeffaman adabbii naamusaa cimaa jedhamuun ramadamu.
- 4) Barreessaan Dhimma Seeraa balleessaa naamusaatiin adabame yakkaan gaafatamuu irraa bilisa hin ta'u.
- 5) Sirni adabbiiin naamusaa itti murtaa'uu Dambii bahuun kan murtaa'uu ta'a.

69. Darbiinsa Yeroo

- 1) Balleessaa cimaan guyyaa raawwatame irraa kaasee waggaa lama keessatti komiin kan hin dhiyaanne yoo ta'e, Barreessaa Dhimma Seeraa badicha raawwate irratti komii dhiyeffachuun hin danda'amu.

፳፯. ተገዲው የቅሬታ ማመልከቻ የሚያቀርብበት ሁኔታ

- ፩) በህግ ጉዳይ ፀሐፊ ጉዳት የደረሰበት ሰው ማመልከቻውን ለዞን ወይም ለወረዳ ፍትህ ጽህፈት ቤት በጽሑፍ ወይም በቃል ማቅረብ ይችላል።
- ፪) ማመልከቻው የሚቀርበው ከማስረጃ ጋር ወይም ማስረጃው የሚገኝበት ቦታን በመጠቀም መሆን አለበት።
- ፫) የወረዳው ፍትህ ጽ/ቤት የቀረበውን ማመልከቻ ወደ ዞን ፍትህ ጽ/ቤት ማስተላለፍ አለበት።
- ፬) የህግ ጉዳይ ፀሐፊዎች ጉባኤ የቀረበውን ማመልከቻ በመመርመር ፈቃድ መሠረዝን ጨምሮ አስፈላጊውን እርምጃ ይወስዳል።

፳፰. ቅጣት

- ፩) የህግ ጉዳይ ፀሐፊ ጥፋት መፈፀሙ ከተረጋገጠ ያጠፋውን ጥፋት መሰረት በማድረግ ከዚህ በታች ከተዘረዘሩት ቅጣቶች ውስጥ አንዱ ሊወሰንበት ይችላል፤
 - (ሀ) የቃል ማስጠንቀቂያ፤
 - (ለ) የጽሑፍ ማስጠንቀቂያ፤
 - (ሐ) ከብር ፪መቶ እስከ ፩ሺ የሚደርስ የገንዘብ ቅጣት፤
 - (መ) ከብር ፩ሺ በላይ እስከ ፫ሺ የሚደርስ የገንዘብ ቅጣት፤
 - (ሠ) ከሦስት ወር እስከ አንድ አመት ፈቃድ አግዶ ማቆየት፤ ወይም
 - (ረ) ፈቃድ መሰረዝ።
- ፪) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፩(ሀ)-(ሐ) ድረስ የተዘረዘሩት ቀላል የዲሲፕሊን ቅጣት በመባል ይመደባሉ።
- ፫) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፩ (መ)-(ረ) ድረስ የተዘረዘሩት ከባድ የዲሲፕሊን ቅጣት በመባል ይመደባሉ።
- ፬) በዲሲፕሊን ጥፋት የተቀጣ የህግ ጉዳይ ፀሐፊ በወንጀል ከመጠየቅ አይደሉም።
- ፭) የዲሲፕሊን ቅጣት የሚተላለፍበት ስርዓት በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል።

፳፱. የይርጋ ጊዜ

- ፩) ከባድ ጥፋት ከተፈፀመበት ቀን አንስቶ በሁለት አመት ውስጥ ቅሬታ ያልቀረበ ከሆነ ጥፋቱን በፈፀመው የህግ ጉዳይ ፀሐፊ ላይ ቅሬታ ማቅረብ አይቻልም።

67. Conditions in Which Client Lodged Accusation

- 1) A person who is harmed by paralegal may lodge his complaint in writting or orally to the Zonal or Woreda Justice Office.
- 2) The application lodged shall include the evidence or state the place where the evidence is found.
- 3) The Wereda Justice Office shall transfer the application to the Zonal Justice Office.
- 4) The Disciplinary Commission of Paralegal shall examine the complaint lodged and take necessary measures including revocation of a license.

68. Penalty

- 1) One of the following measures may be taken against a paralegal who has committed disciplinary breach:
 - (a) Oral warning;
 - (b) Written warning;
 - (c) a fine of 200 up to 1000 Birr;
 - (d) a fine of more than 1000 up to 3000 Birr;
 - (e) Suspension of license from three months up to one year; or
 - (f) Revocation of license.
- 2) The penalty described under Sub-Article 1 (a) - (c) of this Article shall be categorized as simple disciplinary measures.
- 3) The penalty described under Sub-Article 1(d) - (f) of this Article shall be categorized as severe disciplinary measures.
- 4) A paralegal who has been punished with disciplinary breach shall not be free from criminal liability.
- 5) A system in which disciplinary measure is taken shall be decided by Regulation to be issued.

69. Period of Limitation

- 1) Compliant regarding severe disciplinary breach against a paralegal shall be barred by period of limitation unless it is lodged within two years starting from the day it has been committed.

- 2) Balleessaa salphaan guyyaa raawwatame irraa kaasee waggaa tokko keessatti komiin kan hin dhiyaanne yoo ta'e, Barreessaa Dhimma Seeraa badicha raawwate irratti komii dhiyeeffachuun hin danda'amu.

70. Yeroo Turmaata Rikardii Adabbii

- 1) Adabbiin balleessaa cimaa guyyaa adabbiin murtaa'e raawwatame irraa kaasee waggaa 2 booda akka rikardiitti Barreessaa Dhimma Seeraa irratti hin qabamu.
- 2) Adabbiin balleessaa salphaa guyyaa adabbiin murtaa'e raawwatame irraa kaasee waggaa 1 booda akka rikardiitti Barreessaa Dhimma Seeraa irratti hin qabamu.

71. Aangoofi Hojii Biiroo

- 1) Leenjii dandeettii Barreessitoota Dhimma Seeraa cimsu ni kenna; akka kennamu ni taasisa.
- 2) Hojii Barreessitoota Iyyannoo Dhimma Seeraa ni hordofa; ni to'ata.
- 3) Hojimaatawwan barbaachisaa ta'an ni diriirsa.
- 4) Komii ol'iyyannoo Barreessaan Dhimma Seeraa yookiin maamilli Barreessaa Dhimma Seeraatiin miidhame dhiyeeffatu laalee ni murteessa; murtiin kennamus kan dhumaa ta'a; haalli raawwii isaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

KUTAA SADDEET

Gumii Dhimma Naamusa

Barreessitoota Dhimma Seeraa

72. Hundeeffama

Gumiin Dhimma Naamusa Barreessitoota Dhimma Seeraa armaan booda "Gumii" jedhamee waamamu Labsii kanaan sadarkaa Waajjira Haqaa Godinaatti hundeeffamee jira.

73. Miseensota Gumii

- 1) Gumiin miseensota armaan gadii ni qabaata:
- (a) Itti Gaafatamaan Waajjira Haqaa Godinaa Walitti Qabaa;
- (b) Adeemsa Hojii Galmeessaa Ragaaleefi Kennaa Hayyamaa Waajjira Haqaa Godinaa irraa Abbaa Alangaa tokko ... barreessaafi miseensa;
- (c) Itti Gaafatamaa Waajjira Haqaa Godinaatiin kan ramadamu Abbaa Alangaa Godinaa tokko ... miseensa;

- ፪) ቀላል ጥፋት ከተፈፀመበት ቀን አንስቶ በአንድ አመት ውስጥ ቅሬታ ያልቀረበ ከሆነ ጥፋቱን በፈፀመው የህግ ጉዳይ ፀሐፊ ላይ ቅሬታ ማቅረብ አይችልም፡፡

፫. የቅጣት ሪከርድ የሚቆይበት ጊዜ

- ፩) የከባድ ጥፋት ቅጣት ቅጣቱ ተወስኖ ተፈፃሚ ከሆነበት ቀን አንስቶ ከሁለት ዓመት በኋላ በህግ ጉዳይ ፀሐፊ ላይ እንደ ሪከርድ ሊያዝ አይችልም፡፡
- ፪) የቀላል ጥፋት ቅጣት ቅጣቱ ተወስኖ ተፈፃሚ ከሆነበት ቀን አንስቶ ከአንድ አመት በኋላ እንደ ሪከርድ በህግ ጉዳይ ፀሐፊ ላይ ሊያዝ አይችልም፡፡

፬. የቢሮ ስልጣንና ተግባር

- ፩) የህግ ጉዳይ ፀሐፊዎች ችሎታ ለማዳበር ስልጠና ይሰጣል፤ እንዲሰጥ ያደርጋል፡፡
- ፪) የህግ ጉዳይ ማመልከቻ ፀሐፊዎችን ጉዳይ ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፡፡
- ፫) አስፈላጊ የሆኑ አሠራሮችን ይዘረዳል፡፡
- ፬) የህግ ጉዳይ ፀሐፊ ወይም የህግ ጉዳይ ፀሐፊ ደንበኛ የሚያቀርበውን የይግባኝ ቅሬታ አይቶ ይወስናል፡፡ የሚሰጠውም ውሳኔ የመጨረሻ ይሆናል፤ አፈጻጸሙ በሚወጣው ደምብ የሚወሰን ይሆናል፡፡

ክፍል ስምንት

የህግ ጉዳይ ፀሐፊዎች የዲስፕሊን ጉዳይ ጉባኤ

፭. አመሠራረት

የህግ ጉዳይ ፀሐፊዎች የዲስፕሊን ጉዳይ ጉባኤ ከዚህ በኋላ “ጉባኤ” ተብሎ የሚጠራ በዚህ አዋጅ በዞን የፍትህ ጽህፈት ቤት ደረጃ ተቋቁሟል፡፡

፮. የጉባኤው አባላት

- ፩) ጉባኤው የሚከተሉት አባላት ይኖሩታል፤
- (ሀ) የዞን ፍትህ ጽህፈት ቤት ኃላፊ ... ሰብሳቢ፤
- (ለ) የዞን ፍትህ ጽህፈት ቤት የማስረጃዎች ምዝገባ ፈቃድ አሰጣጥ የሥራ ሂደት ላይ አንድ አቃቤ ህግ ... አባልና ፀሐፊ፤
- (ሐ) በዞኑ ፍትህ ጽህፈት ቤት ኃላፊ የሚመደብ አንድ የዞን ፍትህ ጽ/ቤት አቃቤ ህግ ... አባል፤

- 2) Compliant regarding simple disciplinary breach against a paralegal shall be barred by period of limitation unless it is lodged within one year starting from the day it has been committed.

70. Retaining Time of Penalty Record

- 1) Penalty of severe disciplinary breach shall not be taken as a record against paralegal after a lapse of two years starting from the day the decision has been passed.
- 2) Penalty of simple disciplinary breach shall not be taken as a record against paralegal after a lapse of one year starting from the day the penalty decision has been passed.

71. Powers and Duties of the Bureau

- 1) Give or cause to be given training that builds the capacity of paralegals.
- 2) Follow up and control activities of paralegals.
- 3) Provide the necessary work procedure.
- 4) Examine and decide an appeal lodged by a paralegal or by a client harmed by paralegal. The decision given shall be final. The details shall be determined by the Regulation to be issued.

PART EIGHT

Disciplinary Commission of Paralegals

72. Establishment

Disciplinary Commission of Paralegals here after called “Commission” shall be established at the level of Zonal Justice Office by this Proclamation.

73. Member of the Commission

- 1) The Commission shall have the following members:
- (a) The head of Zonal Justice Office ... Chairperson;
- (b) One prosecutor from Authentication and Licensing Work Process ... Secretary and member;
- (c) One prosecutor assigned by the head of Zonal Justice Office ... Member;

- (d) Mana Murtii Ol'aanaa irraa Abbaa Seeraa tokko ... miseensa;
- (e) Barreessitoota Dhimma Seeraa Waajjira Haqaa Godinaatti galmaahaniin kan filatamu Barrees-saa Dhimma Seeraa tokko ... miseensa;
- 2) Barri hojii miseensa tokko waggaa lamaaf ta'a.
- 3) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, miseensi kamiyyuu irra deebiin filatamuu ni danda'a.

74. Aangoo fi Hojii Gumii

Gumiin aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) Barreessitoota Dhimma Seeraa irratti Labsii kana yookiin Dambii bu'uura Labsii kanaatiin bahu darbuun himanni yammuu dhiyaatu himaticha fudhatee calaluun murtii ni kenna;
- 2) Bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1tiin murtiin kenname kamiyyuu galmee dhuunfaa Barrees-saa Dhimma Seerichaa keessatti akka galmeeffamu ni taasisa;
- 3) Barreessaan Dhimma Seeraa ballees-saa naamusaatiin adabame yakkaan gaafatamuu irraa bilisa hin ta'u.

75. Sirna Walga'ii Gumii

- 1) Gumiin akkuma barbaachisummaa isaatti yeroo yeroon walga'uun dhimmoota dhiyaataniif ilaalee ni murteessa.
- 2) Miseensoota Gumii keessaa harki walakkaa ol yoo argaman, walga'ii Gumii guutuu ta'a.
- 3) Murtiileen Gumii sagalee caalmaatiin kan darbu ta'ee, sagaleen walqixaa yoo ta'ee yaadni walitti qabaan deeg-garama murtii Gumii ni ta'a.

KUTAA SAGAL

Tumaalee Adda Addaa

76. Adabbii

Namni kamiyyuu:

- 1) Akkaataa Labsii kanaatiin hayyama abukaatummaa osoo hin baasin yookiin osoo hin haaromsin taajajila ogummaa abukaatummaa yoo kenne yookiin kennuuf yoo yaale adabbii maallaqaa qarshii 5,000 gadi hin taaneefi 20,000 hin caalleen yookiin hidhaa salphaa ji'a jahaa gadi hin taaneefi waggaa lama hin caalleen ni adabama.

(መ) ከከፍተኛ ፍርድ ቤት አንድ ዳኛ ...

አባል፤

(ሠ) በዞን ፍትህ ጽህፈት ቤት በተመዘገቡ

የህግ ጉዳይ ፀሐፊዎች የተመረጠ

አንድ የህግ ጉዳይ ፀሐፊ ... አባል፤

፪) የአንድ አባል የሥራ ዘመን ሁለት ዓመት ይሆናል።

፫) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፪ ሥር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ ማንኛውም አባል በድጋሚ ሊመረጥ ይችላል።

፩፻. የጉባኤው ሥልጣንና ተግባር

ጉባኤው የሚከተሉት ሥልጣንና ተግባራት ይኖሩታል።

፩) በህግ ጉዳይ ፀሐፊዎች ላይ ይህን አዋጅ ወይም በዚህ አዋጅ መሠረት የሚወጣውን ደምብ በመተላለፍ ክስ ሲቀርብ ክስን ተቀብሎ በማጣራት ውሳኔ ይሰጣል፤

፪) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፩ መሰረት የተሰጠ ማንኛውም ውሳኔ በህግ ጉዳይ ፀሐፊ የግል ማህደር ውስጥ እንዲመዘገብ ያደርጋል፤

፫) በስነ ምግባር ጥፋት የተቀጣ የህግ ጉዳይ ፀሐፊ በወንጀል ከመጠየቅ ነፃ አይሆንም።

፩፻. የጉባኤው የስብሰባ ሥነ ስርዓት

፩) ጉባኤው እንደ አስፈላጊነቱ በየጊዜው በመሰብሰብ የቀረቡለትን ጉዳዮች አይቶ ይወስናል።

፪) ከአባላቱ ውስጥ ከግማሽ በላይ ከተገኙ ምልዐተ ጉባኤ ይሆናል።

፫) የጉባኤው ውሳኔ በአብልጫ ድምጽ የሚወሰን ሆኖ ድምጽ እኩል ከሆነ ሰብሳቢው የደገፈው ሃሳብ የጉባኤው ውሳኔ ይሆናል።

ክፍል ዘጠኝ

ልዩ ልዩ ድንጋጌዎች

፩፻. ቅጣት

ማንኛውም ሰው፤

፩) ማንኛውም ሰው በዚህ አዋጅ መሠረት የጠበቃ ፈቃድ ሳያወጣ ወይም ሳያሳድስ የጥብቅና ሙያ አገልግሎት ከሰጠ ወይም ለመስጠት ከጥከረ ክብር ጅሺ ባላነሰና ክብር ጅሺ ባልበለጠ የገንዘብ መቀጮ ወይም ከስድስት ወር ባላነሰ እና ከሁለት አመት ባልበለጠ ቀላል እሥራት ይቀጣል።

(d) One Judge from High court ... Member;

(e) One paralegal elected from among those registered at Zonal Justice Office ... Member;

2) The term of office of a member shall be two years.

3) Without prejudice to Sub-Article 2 of this Article, any member may be elected again.

74. Powers and Duties of the Commission

The Commission shall have the following powers and duties:

- 1) Examine and decide on an accusation lodged against a paralegal for violating this Proclamation and the Regulation to be issued based on this Proclamation;
- 2) Shall put every decision given in accordance with Sub-Article 1 of this Article in the private file of the paralegal;
- 3) A paralegal who have been punished with disciplinary breach shall not be free from criminal liability.

75. Meeting Procedure

- 1) The Commission shall meet and decide on cases lodged to it as it found necessary.
- 2) It shall be a quorum where more than half of the members of the Commission are present.
- 3) Decision shall be passed by a majority vote; in case of a tie the decision supported by the chairperson shall be the decision of the Commission.

PART NINE

Miscellaneous Provisions

76. Penalty

Any person:

- 1) Who renders or attempt to render professional advocacy service without having or renewing his advocacy license shall be punished by a fine of not less than 5,000 Birr and not more than 20,000 Birr or simple imprisonment not less than 6 month and not move than 2 years.

- 2) Akkaataa Labsii kanaatiin hayyama barreessaa dhimma seeraa osoo hin baasin yookiin osoo hin haaromsin tajaajila yoo kenne yookiin kennuuf yoo yaale adabbii maallaqaa qarshii 2,000 gadi hin taaneefi 10,000 hin caalleen yookiin hidhaa salphaa ji'a sadii gadi hin taaneefi waggaa tokkoo hin caalleen ni adabama.

77. Hayyama Abukaatummaa Labsii Kana Dura Kennaman

- 1) Akkaataa Labsii Lak. 86/1996tiin hayyama sadarkaa tokkoffaa fi lam-maffaa abukaatoon fudhates ta'ee, abukaatoon Labsiin 86/1996 utuu hin bahin dura hayyamni fudhate Labsichaan raggaasifameef, Labsiin kun guyyaa itti ragga'u irraa eegalee waggaa tokko keessatti qormaata Biiron kennamu akka fudhatu taasifamuun qormaaticha yoo darbe akkaataa Labsii kanaatiin hayyamni abukaatummaa kan kennamuuf ta'a.
- 2) Kan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti tumame jiraatuuyuu akkaataa Labsii kanaatiin qormaata fudhachuuf kan dirqama hin qabnee fi kanneen Kanaan dura qormaata fudhachuun hayyama ogummaa abukaatummaa argatan hin ilaallatu.
- 3) Abukaatoon bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1tiin dhiyaatee qorumsa kan hin fudhanne yoo ta'e yookiin qormaaticha kan hin dabarre yoo ta'e, Biiron hayyama isaa ni haqa.
- 4) Kan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3 jalatti tumame jiraatuuyuu abukaatoon sababa humnaa ol ta'een qormaaticha irraa hafe, sababichi guyyaa maqfame irraa kaasee ji'a jaha keessatti yoo iyyate, Biiron akka qormaaticha fudhatu murteessuu ni danda'a.
- 5) Abukaatoon qormaata fudhatee kan hin darbine yoo ta'e, akkaataa sagantaa Biiron baasuun irraa deebi'ee fudhachuun ni danda'a.

78. Aangoo Dambiifi Qajeelfama Baasuu

- 1) Manni Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Labsii kana raawwachiisuuf kan gargaaru Dambii baasuu ni danda'a.

፪) በዚህ አዋጅ መሠረት የህግ ጉዳይ ፀሐፊ ፈቃድ ሳያወጣ ወይም ሳያሳድስ አገልግሎት ከሰጠ ወይም ለመስጠት ከሞከረ ከብር ፪ሺ ዓላነስና ከብር ፲ሺ ዓልበለጠ የገንዘብ መቀጮ ወይም ከሦስት ወር ዓላነስና ከአንድ አመት ዓልበለጠ ቀላል እሥራት ይቀጣል።

፫. ከዚህ አዋጅ በፊት የተሰጠ የጥብቅና ፈቃድ

፩) በአዋጅ ቁጥር ፹፮/፲፱፻፺፮ አንደኛና ሁለተኛ ደረጃ የጥብቅና ፈቃድ የወሰደም ሆነ፤ አዋጅ ቁጥር ፹፮/፲፱፻፺፮ ከመውጣቱ በፊት ፈቃድ በአዋጁ የፀደቀለት፤ ይህ አዋጅ ከሚጸድቅበት ቀን ጀምሮ በአንድ አመት ውስጥ በቢሮ የሚሰጠውን ፈተና እንዲወስድ ተደርጎ ፈተናውን ካለፈ በዚህ አዋጅ መሠረት የጥብቅና ፈቃድ የሚሰጠው ይሆናል።

፪) በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ ፩ የተደነገገው ቢኖርም በዚህ አዋጅ መሰረት ፈተና ለመውሰድ የማይገደድና ከዚህ በፊት ፈተና ወስደው የጥብቅና ፈቃድ ያገኙትን አይመለከትም።

፫) በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ ፩ መሰረት ቀርቦ ፈተና ካልወሰደ ወይም ፈተናውን ካላለፈ ቢሮው ፈቃዱን ይሰርዛል።

፬) በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ ፫ የተደነገገው ቢኖረም ከአቅም በላይ በሆነ ምክንያት ከፈተና የቀረ ጠበቃ፤ ምክንያቱ ከተወገደበት ቀን ጀምሮ በስድስት ወር ውስጥ ካመለከተ ቢሮው ፈተናውን እንዲወስድ ሊወስን ይችላል።

፭) ፈተናውን ያላለፈ ጠበቃ ቢሮው በሚያወጣው ፕሮግራም መሰረት በድጋሚ መውሰድ ይችላል።

፬. ደንብና መመሪያ የማውጣት ሥልጣን

፩) የኦሮሚያ ክልል መስተዳድር ምክር ቤት ይህንን አዋጅ ለማስፈፀም የሚረዳ ደምብ ማውጣት ይችላል።

- 2) Who renders service or attempts to render service without obtaining or renewing a paralegal license shall be punished with fine not less than 2, 000 Birr and not more than 10,000 Birr or an imprisonment of not less than three months or not more than one year.

77. Advocacy License Issued Before this Proclamation

- 1) An advocate who acquired 1st and 2nd level license in accordance with proclamation No. 86/2004, and that who have acquired a license before the coming into effect of Proclamation No. 86/2004 and his license had been approved in accordance with the same Proclamation shall be made to take competency examination prepared by the Bureau within one year starting from the coming into effect of this Proclamation, and an advocacy license shall be given for those who passed the examination in accordance with this Proclamation.

- 2) Notwithstanding Sub-Article 1 of this Article, it shall not include those who has no obligation to take an examination in accordance with this Proclamation and those granted advocates' license by taking an examination before.

- 3) Where an advocate fails to take the examination or has taken but failed in accordance with Sub-Article 1 of this Article, the Bureau shall cancel his license.

- 4) Notwithstanding Sub-Article 3 of this Article, where an advocate fails to take an examination due to force majeure requests, the Bureau may decide for him to take the examination with in six months starting from the date his problem has been resolved.

- 5) An advocate who failed the examination may take it again in accordance with the program of the Bureau.

78. Power to Issue Regulation and Directives

- 1) The Oromia Administrative Council may issue a Regulation for the implementation of this Proclamation.

- 2) Biiron Labsii kanaafi Dambii akkaataa Labsii kanaatiin bahu raawwachiisuuf Qajeelfama baasuu ni danda'a.

79. Seerota Raawwatiinsa Hin Qabaanne

- 1) Labsiin Hayyamaafi Naamusa Abu-kaatota Naannoo Oromiyaa Murteessuuf Bahe Lak. 86/1996 Labsii kanaan haqamee jira.
- 2) Seeronniifi barmaatileen hojii Labsii kanaan wal faallessan kamiyyuu dhimmoota Labsii kana keessatti ibsaman irratti raawwatiinsa hin qabaatan.

80. Yeroo Labsiin Kun Hojiirra Itti Oolu

Labsiin kun guyyaa Magalata Oromiyaa irratti maxxanfame irraa eegalee kan hojiirra oolu ta'a.

Alamaayyoo Atoomsaa

Pireezidaantii Mootummaa Naannoo

Oromiyaa

Adoolessa 7 Bara 2005, Finfinnee

፪) ቢሮው ይህንን አዋጅ እና በዚህ አዋጅ መሰረት የሚወጣውን ደንብ ለማስፈጸም መመሪያ ማውጣት ይችላል፡፡

፪፱. ተፈጻሚነት የሌላቸው ህጎች

፩) የኦሮሚያ ክልል የጠበቆች ፈቃድና ዲሲፕሊን ጉዳይ ለመወሰን የወጣው አዋጅ ቁጥር ፹፮/፲፱፻፺፮ በዚህ አዋጅ ተሽሯል፡፡

፪) ከዚህ አዋጅ ጋር የሚቃረኑ ማናቸውም ህጎችና ልማዳዊ አሰራሮች በዚህ አዋጅ በተካተቱት ጉዳዮች ላይ ተፈጻሚነት አይኖራቸውም፡፡

፹. አዋጁ ሥራ ላይ የሚውልበት ጊዜ

ይህ አዋጅ በመገለጥ ኦሮሚያ ላይ ከታተመበት ቀን ጀምሮ ሥራ ላይ የሚውል ይሆናል፡፡

አለማየሁ አቶምሳ

የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግስት ፕሬዚዳንት

ፊንፊኔ፣ ሐምሌ ፯ ቀን ፪ሺ፭ ዓ.ም

- 2) The Bureau may issue Directives for the implementation of this Proclamation and the Regulation to be issued.

79. Inapplicable Laws

- 1) Proclamation to determine License and Discipline of Advocate of Oromia Regional State No. 86/2004 is repealed by this Proclamation.
- 2) Any laws and customary practice contrary to this Proclamation shall not be applicable on matters covered by this Proclamation.

80. Effective Date

This Proclamation shall come in to force as of its publication on Megeleta Oromia.

Alemayehu Atomsa

President of Oromia National Regional

State

Finfine, the 14th of July 2013

© 2006

Waajjira Afyaa'iifi Caffee Oromiyaatiin Kan maxxanfame/በአፈ.ጉባኤና ጨፌ ኦሮሚያ ጽ/ቤት ታተመ
Printed by the Office of the Speaker & the Secretariat of the "Caffee" of the NRSO

Muddee 17 Bara 2006/ ታህሣሥ ፲፯ ቀን ፪ሺ፮ ዓ.ም/ 26 of December 2013

© 2006

Wajjira Afyaa'iifi Caffee Oromiyaatiin Kan maxxanfame/በአፈገብኤና ጨፌ ኦሮሚያ ጽ/ቤት ታተመ
Printed by the Office of the Speaker & the Secretariat of the "Caffee" of the NRSO

Muddee 17 Bara 2006/ ታህሣሥ ፲፯ ቀን ፪ሺ፮ ዓ.ም/ 26 of December 2013